

XIINXALA DANDEETTII KEEYYATA BARREESSUU

BARATTOOTA KUTAA 10FFAA MANA

BARUMSAA DEDOO SADARKAA

2FFAA

GAADDISEE IMBAABOO

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA
(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN
GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITHII JIMMAA,
KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFIHUUMAANITIITTI,
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF
DHIYAATE**

HAGAYYA 2014

JIMMA, OROMIYAA

YUUNIVARSIITII JIMMAA

**KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANITHITI,
DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

**XIINXALA DANDEETTII KEEYYATA BARREESSUU BARATTOOTA
KUTAA 10FFAA MANA BARUMSAA DEDOO SADARKAA 2FFAA**

GAADDISSEE IMBAABOO

GORSAА DURAA: CIMDII WAAQUMAA (Asso.Professor)

HAGAYYA, 2014

JIMMA, OROMIYAA

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Ittiin Guuttachuuf Qorattuu Gaaddisee Imbaaboo Maaruu MataDuree "Xiinxala Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Kutaa 10ffaa Mana Barumsaa Dedoo Sadarkaa 2ffaa: Jedhu Irratti Qophaa'ee Adeemsa Barbaachisu Guutee Kan Dhiyaatedha.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallatoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallatoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallatoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Aantee _____ Mallatto _____ Guyyaa _____

Waraqaa Mirkaneeffanna

Waraqaa qorannoo kana dhuunfaa kotaan jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutudhaan hojjadhe xumureera. Bifa seera alaan hojii nama biraa irraa kan garagalfamee jiru akka hin taane nan mirkaneessa.

Qorattuu

Maqaa: Gaaddisee Imbaaboo Maaruu

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Akka gorsaa yuuniversiitiitti, waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhihaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo beeksisa.

Gorsaa

Maqaa: Cimdi Waaqumaa (Asso.Professor)

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Gorsaa Aantee: Alamituu Olii (PHD)

Mallattoo _____ Guyyaa _____

Baafata	fuula
Galata	V
Jibsoo	VI
Axeereeraa.....	VII
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Seen-Duubee Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	7
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	7
1.3.2. Kaayyoo Gooree	7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	8
1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa.....	8
1.7. Hanqina Qorannichaa	9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'IINSA BARRUU.....	10
2.1. Yaadrime Qorannichaa	10
2.1.1. Maalummaa Barreessuu	10
2.1.2. Faayidaa Barreessuu	11
2.1.3. Adeemsa Barreessuu	12
2.1.3.1. Barreessuu duraa/prewriting.....	13
2.1.3.2. Wixineessuu/drafting.....	13
2.1.3.3. Keessa Deebi'uun Gulaaluu/revising	14
2.1.3.4. Gulaaluu/editing	14
2.1.3.5. Xumuraaf barreessuu yookiin dhiheessuu/publishing	14
2.1.4. Rakkoolee adeemsa barreessuu keessatti barattoota mudatan	15
2.1.4.1. Filannoo Jechoota dhibuu.....	16
2.1.4.2. Irra Deddeebii Jechootaa Baay'isuu.....	16
2.1.4.3. Sirna Tuqaaleefi Qub-guddeessatti Seeran Fayyadamuu Dhiisuu	16
2.1.6. Faayidaa Keeyyataa.....	18
2.1.7. Adeemsa keeyyataa barreessuu	19

2.1.8. Kaayyoo keeyyataa	20
2.1.9. Qaama keeyyataa.....	21
2.1.9.1. Hima Ijoo	21
2.1.9.2. Hima Callaa	21
2.1.9.3. Hima Gudunfaa	22
2.1.10. Gosoota keeyyataa.....	22
2.1.10.1. Keeyyata Ibsaa	22
2.1.10.2. Keeyyata Seenessaa	23
2.1.10.3. Keeyyata Amansiisaa	24
2.1.10.4. Keeyyata Addeessaa	24
2.1.11. Qajeelfama Dandeettii Keeyyata Barreessuu	24
2.1.12. Amaloota keeyyata Gaarii.....	25
2.1.12.1. Tokkummaa.....	26
2.1.12.2. Walta'iinsa	26
2.1.12.3. Xiyyeffannoo	27
2.1.12.4. Guutummaa	27
2.1.13. Rakkoolee keeyyata barreessuu keessatti barattoota mudataan	27
2.1.14. Gahee barattootaa.....	29
2.1.15. Mala Keeyyata Barreessuu Barsiisuu	29
2.1.15.1 Waan barreeffamu adda baasuun beekuu	30
2.1.15.2. Waan barreeffamu irratti odeeffannoo funaanuu fi filachuu.....	30
2.1.15.3. Barreessuu eegaluu.....	30
2.3.1. Haala dhiheenya Barreessuu.....	32
2.3.1.1. Haala dhiheenya adeemsaa	32
1.1.3.1. Haala Dhiheenya Too'atamaan Barreessuu.....	32
1.1.3.2. Haala Dhiheenya Qajeelfamaan Barreessuu.....	33
1.1.3.3. Walabaan Barreessuu	33
2.3.1.2. Haala dhiheenya bu'aa.....	33
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA	35
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	35
3.2. Irraawwatama Qorannichaa	35
3.3. Madda ragaalee	35

3.4. Iddatoo fi mala iddatteessuu.....	35
3.5. Meeshaalee funaansa ragaalee	36
3.5.1. Barreffama Barattootaa.....	36
3.5.1.1. Qormaata Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kennu.....	37
3.5.2. Af- gaaffii.....	37
3.5.3. Bar- gaaffii.....	38
3.5.4. Daawwanna.....	38
3.6. Mala xiinxala ragaalee.....	39
BOQONNAA AFUR : XIINXALA RAGAALEE	41
4.1. Ibsa Ragaa Deebii Kennitootaa	41
4.1.1. Haala Saala Deebii Kennitootaa	41
4.1.2. Ibsa Umrii Deebii Kennitootaa	42
4.1.3.Ibsa Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa	42
4.2. Xiinxala Qormaata Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kenname	43
4.2.1. Qormaata Keeyyata Barreessuu Marsaa 1ffaa Barattootaaf Kenname	43
4.3. Xiinxala Ragaa Afgaaffii Barsiisootaa	53
4.4. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffiin funaaname.....	54
4.4.1. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffii Cufatiin funaaname	54
4.5. Xiinxala Odeeffannoo Daawwanna Daree Irraa Argame	58
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA.....	60
5.1. Cuunfaa	60
5.2. Argannoo.....	61
5.3. Yaada Furmaata	62
WABIILEE.....	64
Dabalee A:	V
Dabalee A:	VI
Dabalee A:	VII
Dabalee A:	VIII
Dabalee B:	IX
Dabalee C:	XI
Dabalee D:	XV

Gabatee 1: Odeeffannoo Saala Deebii Kennitootaa	41
Gabatee 2: Odeeffannoo Umrii Deebii Kennitootaa.....	42
Gabatee 3: Odeeffannoo Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa.....	42
Gabatee 4: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 1ffaa barattootaaf kennname	43
Gabatee 5: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa barattootaaf kennname	45
Gabatee 6: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 3ffaa barattootaaf kennname	47
Gabatee 7: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa barattootaaf kennname	49
Gabatee 8: Odeeffannoo barattooni Dandeettiawaan afaanii gurguddoo arfan ilaalchisuun Kennan	54

Galata

Duraan dursee eenyumaa olitti Waaqayyoo, uumaa koo jirenya addunyaa kanaa keessatti obsa naaf kennee, gufuufi dhiphina hedduu na dandamachiisee har'aan na gaheef galanni koo guddaadha. Itti aansuun beekumsaafi muuxannoo qaban osoo natti hinqusatin yeroo isaanii aarsaa gochuun kan na gorsaa turan,Cimdi Waaqumaatiif (Asso.Professor) galanni koo daangaa hin qabu. Dabalataan hojjettoota,barattootaafi barsiisota mana barumsaa Dedoo sadarkaa lammaffaa odeeffannoo naaf kennuufi odeeffannoo funaanuurratti na gargaaraniif galata guddaan galcha.

Akkasumaas, yemmuun qorannoo kana gaggeessu maateriyaalii akka waraqaa, priintara, koompiyuutaraan barreessuun yaadaafi deeggarsa ogummaa qabuun kan nagargaare abbaa manaa koo obbo Caamadaa Taakkalaatiif galanni koo daangaa hinqabu.

Kana malees, yeroon odeeffannoo walitti qabadhu gargaarsa cimaa yaadaafi gochaan kan barattoota haala naamijeessef Mana Baruumsaa Dedoo Sadarkaa Lammaffaa baay'een galateeffadha. Dhumarratti, yeroon qorannoo kana hojjedhu deeggarsa cimaa kan naaf taasisaa turaniifi nacimsaa turan akkasumas barreeffama barattootaa sororsuun kan naagargaraan baay'een galateeffadha.

Jibsoo

1. Afgaaffii _____ interview
2. Bargaaffii _____ questionnaire
3. Daawwanna _____ observation
4. Iddatoo carraa _____ Lottery Sampling
5. Iddatoo miti-carraa _____ non- probability sampling
6. Qor-qalbi _____ characteristics
7. Samudaa _____ Sampling

Axeereeraa

Qorannoonaan kun kan gaggeeffame Godina Jimmaa Aanaa Dedoo mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa irrattidha. Kaayyoonaan qorannoonaan kana dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa xiinxaludha. Saxaxni qorannichi itti gaggeeffame saxaxa qorannoonaan ibsaadha. Baay'ina barattootaa 842 keessaan dhiirroota 41fi dubartoota 43 mala iddattoo carraa keessaan iddatteessuu sirnaawaan filatamanii odeeffannoonaan irraa sassabameera. Kanamalees mala iddatteessuu miti carraan filatamani barsiisoota afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisaan 2 fi I/GMuummee 1 irraa odeeffannoonaan sassabamee jira. Walumagalatti iddattoo 87(saddetamii torba) irraa odeeffannoonaan funaanamuun qorannoonaan kun gaggeeffameera. Meeshaalee ragaaleen ittiin funanaame af-gaaffii, bar-gaaffii, daawwannaafi qormaata barreeffamaan barattootaaf kenuun funaaname. Odeeffannoonaan af-gaaffii irraa walitti qabameefi bar-gaaffii cuafaafi banaa irraa odeeffannoonaan argame mala akkamtaa kan xiinxalame yoo ta'u, odeeffannoonaan bifa lakkofsa qabuun argame immoo, mala hammamtaa (safarataa) kan xiinxalamedha. Argannoonaan argames sirna tuqaaleefi qubguddeessa bakka hinbarbaachisnetti fayyadamuuifi barreeffama isaanii keessatti amaloota keeyyata gaarii guutanii kan hinbarreessine ta'uufi gumee qopheessuuun gara barreessutti seenuu kan hin dandeenye ta'uuf wal qabsiistotatti fayyadamuu dhiisuufi filannoo jechootaa eegani kan hin barreessine yommuu ta'u, barsiisonni akka isaan keeyyata barreessan kan hin shaakalsiisne ta'u, barnoota isaanii sadarkaa Iffaa keessatti kan afaan oromoo barsiisu nama afaan oromootiin hinleenjine ta'u, barattoonni hordoffii dhabuu fi wayiitiin gosa barnoota kanaaf ramadame gahaa ta'u dhabuuifi barsiisonni barattoota keeyyata barreessisuu irratti xiyyeefannoonaan kan hin kenniine ta'u argannoonaan mul'ateera. Argannoonaan kana bu'uureffachuun yaanni furmaataa akka itti aanutti ka'ame jira. Barsiisonni yeroo waa'ee keeyyataa barsiisan ibsanii darbuu dhiisanii akka isaan barreessan osoo taasisanii, itti fayyadama sirna tuqaalee barreeffama keessatti iddo qubguddeessii itti barreeffamu filannoo jechootaa, seer lugaafi himoonni akkamitti akka qindaa'anii keeyyata gaarii barreessan osoo srritti hubachiisani, Kana malees barsiisonni xiyyeefannoonaan keeyyata barreesssuu barattoota osoo shaakalchisanii, wayitiin gosa barnoota afaan oromootiif ramadames osoo fooyya'ee barattoota keeyyata barreessuu irra deddeebiin osoo shaakalanii jechuun qorannoonaan kun xumurame.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seen-Duubee Qorannichaa

Barreessuun dandeettiawaan afaanii gurguddoo afraan jiraan keessaa isaa tokko yoo ta'u. Qubeewwan itti mallattoolee adda addaa fayyadamuun yaada sammuu keessa jiru waraqaan irra kaa'uudhaan namni biroo akka hubatu gochuudha. Haa ta'u malee dandeettiin isaa yeroo tokkoon Kan gonfatamu osoo hin taane yeroodhaa yerootti shaakala Kan barbaaduudha. Hiika dandeettii barreessuu ilaachisee beektonni afaanii hiika garagaraa kennanii jiru.

Brown (2000, f.336) stated that writing is a thinking process. Further more, he stated that writing can be planned and given with an unlimited number of revisions. Writing represents what we think. It means that writing process reflects things in the mind. The students find difficulties when they start looking for some reasons to writing and producing written sentences. jedha.

Yaada kana irraa akka hubatamutti barreessuun adeemsa yaadamaa ta'ee yaadamni daangaa hin qabne sun karoorfamee akkaataa itti taa'udha. Kana malees barreessuun kan inni bakka bu'u wanta nuti yaadne ykn ilaalam keenyadha. Kana jechuun barreessuun wanta sammuu keenya keessa jiru baasee calaqqisiisa jechuudha. Hudhaaleen barattoota mudachuu danda'us yemmuu isaan wanta tokko barreessuuf sababeeffatanii fi himoota qindeessanidha.

Lindblom in Fatmawaty (2010, f.13) akka ibsetti barreessuu jechuun dhimma waan tokkoorratti waan xiinsammuu keenya keessa jiru irratti xiyyeffanee waayee dhimma sanaa baruuf kan nu gargaarurratti hundoofnee yemmuu keenyudha. Gochaanis, namni waan karaa barreessuu furmaata rakkoo jennuu kan hiikaafi sammuma namoota barreessaniifi kanneen namoota hin barreessineellee kan walitti fiduu danda'udha. Gama biraatinis barreessuun waan dhugaa tokko sirna afaan ittiin barreessinu sana fayyadamanne ibsuu dandeenyudha. Kanaaf yemmuu barreessinu wanti lama hudhaa nutti ta'uu danda'a. Innis maal akka barreessinuufi akkamitti akka barreessinudha. Kanaaf barreessuun dandeettii ittiin seerluga afaan sanaa fayyadamanee waan barreessinu sana jechoota, akkasuma himoota qindeessinee waayee mata duree sanaa ibsuu dandeenyudha.

Barreessuun tartiiba himoota qindaa'anii yaada waan irratti barreffamu sanaa karaa qindaawaa ta'een ergaa sana karaa guutuu ta'een kan dabarsudha. Byrne (1980, f.14) haala walfakkaatuun, Widdowson in Saleha (2008, f.15) Ibsamni waayee dandeettii barreessuu inni biraan "Barreessuun qajeeltoowwaaniifi sochii qunnamtii waligalaa akkaataa afaanichatti fayyadamnu ibsuu dandeenyudha. Barreessuun waan sammuu keenya keessa jiru tokko bifaa barruutiin kaa'uu dandeenyudha".

Richard (1997, f.98) "Barreessuu jechuun akkaataa yaada sammuu barreessaa ykn barreessituu sana jechoota sammuu isaa/ishe keessa jiru sana gara himaatti naanneessee himoota kaa'aman kanas gara keeyyatatti jijiiree waraqaa irraa kaa'udha" jennees ibsuu dandeenya. Kanamalees akka Langan (2005, f.14) jedhutti, "Barreessuun akka daandii waliigaltee namoota biroo waliniiti. Kunis yommuu namoota biroof barreessitu kaayyoon barreessituufi dubbistoota barreffama kee dubbisan beekuun baay'ee barbaachisaadha". Kanaafuu barreessuun dandeettii namni tokko adeemsa barumsa keessatti gabbifachaa adeemu ta'uu isaa hubanna. Barreessuun adeemsa yaaduuti; yeroodhaa yerootti kan shaakala guddaa nama gaafatudha. Akkasumas akka Kroma (1988, f.37) jedhutti, "Barreessuun yaada sammuu namaa keessa jiru tokko jechoota gara himaatti, himoota gara keeyyatatti, keeyyata ammoo gara barreffamaatti jijiiruun waraqaaarratti yemmuu ibsinu jechuudha". Dabalataanis While Gebhard, in Rahmatia (2010, f.22) immoo kan jedhu barreessuun adeemsa yaada tokko barreffamaan ibsuuti. Barreessuun karaa erga tokko dubbisaadhaan wal-quunnamisiisuudha. Kaayyoon isaas odeeaffannoo tokko dubbisaa biraan gahuuf kan gargaarudha.

Keeyyanni baay'inaan irra caalaa walitti qabama himootaati. Ta'us keeyyanni sadarkalee ogummaa barreessuu itti gabbifamu keessaa isa tokko. Ogummaa keeyyata gaarii tokko barreessuu gonfachuufis hubannoona keeyyatarratti qabnu barbaachisaadha. Yaada kana irratti hayyooni adda addaa akka jedhanitti Alice Oshima and House (1997) "state that: A paragraph is a group of related sentences which awriter develops about a subject. The starting sentence explains the certain idea while the other sentences are stated to support it" keeyyatni tuuta/qindoomba/ himootaa ta'ee barreessichi dhimma waayee irratti barreffamu Sanaa bifaa guddisuu danda'uun kan barreessuudha. Hima jalqabaa waayee dhimma barreffamu sana irratti kan xiyyeffatu yemmuu ta'u himni inni biraamimmoo kan isa utubu ta'a.

Barreeffama jalqabaa irratti hundaa'uun hojiin barreessuu barattootatti ulfaachuu danda'a. Sababa muuxannoo barreessuu isaanii hin gabbifataniif jechuudha. Haala Addunyaaleessa hubachuuf keeyyata isaan barreessuuf filatan walxaxaa waan ta'eef akkaataa barbaadamu sanaan barreessuun itti ulfaata jechuudha. Hudhaan isaan mudatu kunis galmeelee jechootaa beekuufi beekuu dhabuunillee walqabata. Akkasumas dandeettii barsiisaa gosa kana isaan barsiisu irrattis hunda'uu danda'a. Dabalataan sababni barreessuu dadhabuu barattootaa kan biraas barattooni seer-luga eeguu dhabuu, bifaa sirnaawaa ta'een qubeessuu dhabuu akkasumas sirna tuqaalee eeguu dhabuunis kan wal qabatudha Leki (1996, f.173). Kanamalees kaayyoon keeyyataa yaada barreessaan Sun irratti barreessuu barbaade karaa ifa ta'een akkaataa ibsuu danda'uun kan kaa'amu yaadni inni barreessuu barbaade sun akka walirraa fagaanneen kan kaa'amudha. Kana jechuun yaadni keeyyataa sun walmakuu hinqabu jechuudha. Barreessichi yemmuu yaada bira kaasuu barbaadu keeyyata haaraan ibsuu qaba jechuudha.

Akka kitaabni barataa kutaa 10ffaa (2006, f.122-123) jedhutti keeyyanni hima yookaan himoota ergaa tokko qaban walitti qindeessuun kan ijaaramu. Keeyyata barreessuun dura akkaataa keeyyanni itti ijaaramu hubachuun barbaachisaadha. Keeyyanni tokko hima ijoofi himoota callaa qaba. Keeyyata keessatti himni ijoo hima yaada keeyyatichaa walitti cuunfee qabee kan jiru. Himooni callaan hima ijoo ibsuuf gargaaru. Keeyyanni tokko hima callaa tokko yookaan tokkoo ol qabaachuu danda'a. Himni ijoo keeyyata tokkoo keeyyaticha keessatti bakka adda addaa galuu danda'a: jalqaba keeyyaticharratti, dhuma keeyyatichaarratti, jalqabaafi dhuma keeyyatichaa irratti yookaan ammoo walakkeessa keeyyatichaa irratti. Kana jechuunis, keeyyanni tokko hima ijoorraa gara himoota callaatti ijaaramuu yookaan himoota callaa irraa gara hima ijootti ijaaramuu nidanda'a. Kana malees, keeyyanni hima callaa irraa gara hima ijootti achumaanis gara himoota callaatti ijaaramuu ni danda'a. Dabalataanis, tokkummaa, walta'iinsa, xiyyeffannoofi tartiiba yaadaa eeguun amaloota keeyyata godhamanii fudhatamu.

Qorannoon kunis xiyyeffannoon isaa inni guddaan dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa lammaffaa xiinxaluu irratti kan xiyyeffatedha. Haaluma kanaan barattooni kutaa 10ffaa sadarkaa fi umurii isaanii kanatti kitaabni barataa fi qajeelchi barsiisaa amaloota keeyyata gaarii tokkummaa, walqabatinsa fi guutummaa erga ibseen booda mata duree kennuun akka keeyyata tokko barreessan kaaha. Kana malees sirna

tuqaaleeffi qubguddeessa eeganii akka isaan keeyyata tokko barreessan taasisa. Itti dabalees mata duree kenuun filatanii gumee qopheessuun erga gumee qopheessanii barreffama tokko akka barreessan karaa qabsiisa. Akkasumas erga waa'ee hima ijoo, hima callaa fi hima goolabaa ibseen booda mata duree kenuun filatanii keeyyata lama hanga shanii akka barreessan taasisa. Tartiiba barreffama kaahuun akka isaan duraa duuba barreffamaa eeganii barreessaniif illee ni ibsa.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Dandeettii keeyyata barreessuu barattooni yoo horatan, barumsa gara fulduraatti barataniif bu'uura. Kana malees barattooni keeyyata barreessuu irratti gahumsa yoo qabatan dhaabbiilee barnoota olaanaa yoo galan keeyyata qindoomina qabu barreessuun isaan hin rakkisu. Akkuma beekamu barattooni dandeettii keeyyata barreessuu kan argatan akkaataa gilgaalonni shaakala dandeettii keeyyata barreessuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatuun.

Kitaabni barataa mata duree keeyyanni itti barreffamu kenuun barattooni akka barreessan isaan gochuun sirriitti ogummaa keeyyata barreessuu akka gabbifatan taasisa. Barnoota Afaan Oromoo keessatti dandeettii barreessuus ta'e keeyyata barreessuu barattootaa cimsuuf sadarkaan barnoota isaan irra jiran akkasumaas umurii isaanii irratti Kan hundaa'u ta'a. Barsiisonni mana barumsichaa Afaan Oromoo barsiisaa jiran barattooni sadarkaa irratti argaman akka isaan dandeettii keeyyata barreessuu gonfataniif deggarsaafi hordoffii adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti gahe isaanii bahanii akka hojjetan gargaaru.

Bu'uuruma kanaan kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa mataduree adda addaa kenuun akka isaan keeyyata adda addaa barreessaniif kaahe jira. Isaanis akkaataa armaan gadiin ilaaluun danda'ama. Keeyyata barreesse otoo hinxumuriin hanbisee barattooni akka Shaakala yaada jalqabamee hafe xumuraniif ka'e jira. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.12), Kana malees Mata-duree "barmaatiilee barnoota shamarraniitirratti dhiibbaa fidan," jedhu irratti keeyyata tokko barreessi. Barreffama kee keessatti qub-guddeessaafi qoodduutti sirriitti fayyadamuu kee hubadhu. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.46).

Mata-duree, "Guddina Afaaniifi Aadaa Oromoo keessatti gahee manguddootaa" jedhurratti barreffama dheeraa keeyyata afurii hanga ja'aa qabu barreessi. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.56). Mata-duree irratti keeyyanni barreffamu erga kenne booda haala itti keeyyanni

sun barreeffamu tartiibaan ka'eera. Tartiibni kunis jalqaba irratti ofuma isaanii yaaduun odeeaffannoo akkaataa yaadannootiin barreessuun ykn burqaalee adda addaarraa funaanuu. 2ffaa. Yaadota funaanamaan tartiiba sirrii ta'een teessisuu. 3ffaa. Barreeffama duraa barreessuu.4ffaa. Barreeffamicha keessa deebi'anii dubbisuun sirreessuu; yoo danda'ame hiriyoota isaaniitti laatanii yaada irratti kennisiisuu.5ffaa Barreeffama isa dhumaan barreessuun barsiisaan akka siif dubbisu itti laachuu.

Seenaan Onesmoos Nasiib dubbisiisuun seenaa nama biraan keeyyata shaniin akka barreessaniif dhiyeessaniru. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.66). Mata-duree Tokkummaafi Garaagarummaa Qilxuufi Odaa erga tarreessanii booda walitti qindeessuun keeyyata tokko barreessi. Yommuu keeyyata kana barreessitu, walqabsiiftoota sirrii ta'anitti fayyadamuu akka isaan barreessaniif dhiyeessera. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.75). Amaloota keeyyata gaarii kaa'uun kanneen akka Tokkummaa, Walqabatiinsa fi Guutummaa kennuun mata-duree "sababoota dhibee garaa kaasaa" jedhurratti keeyyata amaloota keeyyata gaarii armaan olitti ibsaman guuttate barreessii barsiisaan kee akka siif ilaalu itti agarsiisi. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.90).

Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.106) irratti keeyyata dubbisanii hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa akka isaan dubbisicha keessaa baasan taasisee booda mata-duree dhiyeessuun keessa tokko filachuun akka isaan keeyyata hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa hammachisuun akka isaan barreessan ka'eera. Fkn mata-dureen dhiyaate Qilleensa naannoo, Aadaa fuudhaa fi heerumaa, Faayidaa Nageenyaa fi k.k fa'i. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.106). irratti jalqaba gumee qopheessuun barreessuun erga fakkeenya kennee booda mata-duree kennuun keessaa filatanii gumee qopheessuun akka ofii isaanii barreessan taasisa. Mata-dureen dhiyaates dhibee HIV/AIDSii, Baay'ina Ummataafi Misoomaafi Faayidaa Aadaati.

Haaluma kanaan kitaabni barataa afaan Oromoo kutaa 10ffaa akka isaan keeyyata gosa adda addaa akka barreessaniif shaakala garaa garaa haa dhiyeessu malee, qorattuun Kun muuxannoo hanga yoona barsiisaa turteenis barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa akkaataa shaakala kitaabni barataa kaahe kanaan keeyyata qindoomina qabu barreessuu irratti rakkootu mul'ata. Kanaafuu qorattuun kunis dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaaf rakkoo ta'an xiinxaltee dhiyeessiteetti.

Haaluma kana fakkaatuun qorattooni adda addaa dandeettii barreessuu irratti qorannoo gaggeessaniiru. Masarat Zawudee (2008). “Hanqina Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Irratti Barattooni Akka Afaan Lammafaatti Baratan Qaban”, Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatti Mana Marumsa Sadarkaa Lammaffaa Abbaa Bunaafi Saxoo Samaroo Xiyyeeffachuun.”, kaasechi Anbisaa “Xiinxala Dandeettii Ga’umsaa Barreessuu Afaan Oromoo: Haala Barattoota Mana Barumsaa Jenaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa”,

Yohaanniis Mallasaa “Qaaccessa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota bulchiinsa magaalaa Adaamaa mana barumsaa qophaa’inaa gooro Yuuniversiitii Saayinsiifi teknolojii Adaamaatti hojjetame. Akka fakkeenyatti arganno isaa keessaa kan qorattuun fudhatte barattooni mana barumsaa qophaa’inaa gooro rakkoo yaada isaanii qindeessanii barreessuu dhabuu. Qaamota keeyyataa jechuun hima ijoo, callaafi gudunfaa addaa baafachu dhabuu, keeyyata qindoomina qabu barreessuuf tokkummaa, gahumsa, walta’insaafi xiyyeeffanna qabaachuu akka qabu adda baafachu dhabu fa’a.

Qorannoo Kana qorannoo qorattuun hojjette waliin kan walfakkeessuu lamanuu dandeettii keeyyata barreessuu barattoota irratti xiyyeeffachu isati. Adda addummaan qorannoo kana madalli kitaaba, daree fi bakka irratti hojjetamudha. Akkasumas Toleeraa Tasammaa Kaasaa “Ogummaa Bareessuu Gabbifachu Keessati Rakkoolee Barattoota Kutaa 9ffaa Mudatan Adda Baasuu: Haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaatti hojjetame ture. Haata’umalee xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa irratti garuu hanga qorattuun sakatta’ a taasistetti hin argamne. Kanarraan kan ka’e qorattuun kun xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo Sadarkaa 2ffaa adda baasuun xiinxalteetti.

Waraqaan qorannoo kunis kan inni barbaachiseef dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti madda rakkoo ta’an xiinxaluun gara fulduraattis barattooni akkamitti dandeettii keeyyata qindoomina qabu barreessuu danda’ u jedhu xiinxaluun dhiyeessiteetti.

Gaaffiilee Bu’uuraa Qorannichaa

1. Barattooni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa dandeettii keeyyata barreessuu akkamii gonfachuutu irraa eegama?

2. Rakkoleen keeyyata barreessuu keessaatti barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa mudatan maal fa'i?
3. Dandeettii keeyyata barreessuu keessatti dogoggiorri barattooni kutaa 10ffaa uuman maal fa'i?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa xiinxaludha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

1. Barattooni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa dandeettii keeyyata barreessuu akkamii gonfachuu akka qaban ibsuu.
2. Rakkolee keeyyata barreessuu keessatti barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa lammaffaa mudatan adda baasuu.
3. Dandeettii keeyyata barreessuu keessatti dogooggora barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa uuman ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan barbaachisuuf mata duree qorannichi irratti gaggeeffamu sanaaf furmaata kan kenu waan ta'eef, kanaafuu qorannoo xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa rakkoo isaan dandeettii keeyyata barreessuu keessatti qaban xiinxalee adda baasuuf kan gargaaruudha. Kana malees barreessuun yaada sammuu namaa keessatti kuufame fuudhamee waraqaarra kaahuun dubbistootaaf dhiyeessuuf kan gargaaruudha. Gabaabumatti qorannoon kun faayidaalee armaan gadii qaba jedhamee yaadama.

- ❖ Barsiisonnii fi barattooni Afaan Oromoo mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa itti fayyadamoo ta'u.

- ❖ Barattooni mana barumsichaa bu'aa qorannoo kanaa irraa kallattiin fayyadamaa ni ta'u, rakkoo addaa baheefi yaada furmaataa kenuuf ni tajaajila.
- ❖ Barattooni mana barumsichaa qorannoon irratti gaggeeffamu dandeettii keeyyata barreessuu gonfachuuf fedhii gaarii akka isaan qabaataniif gargaara.
- ❖ Barsiisonni afaan Oromoo dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa cimsuuf wantoota xiyyeffannaan gochuu qabu irratti hubannoo akka argatan taasisuu.
- ❖ Namoota mata duree dandeettii keeyyata barreessuu kanaan walitti dhufeenyaa qabu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsatti ni gargaara.
- ❖ Shaakalli dandeettii keeyyata barreessuu kitaaba barattootaa keessatti xiyyeffannoo argatee cimee akka itti fufu gargaara.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoон Kun Kan gaggeeffame naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa Aanaa Dedoo magaalaa Sheekii yoo ta'u. Qorannoон kunis Kan irratti xiyyeffatu Aanaa Dedoo Mana Barumsaa Dedoo Sadarkaa 2ffaa Sheekii irratti. Dandeettiin barreessuu gosa adda addaa haa qabaatu malee kaayyoон qorannoo kanaa barattoota mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa jiran keessaa xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti xiyyeffata.

1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaan Dedoo Aanoolee Godinni Jimmaa qabdu keessa ishee tokko yoo taatu kan argamtuus magaalaa guddoo godina Jimmaa irraa kallaattii Ummattoota kibbaa fageenya 20km fi teessoo magaalaa mootummaa naannoo Oromiyaa handhura Oromiyaafi teessoo mootummaa Fedeeralaa kan taatee Finfinnee irraa 365km , Aanaan Dedoo magaallii guddoo ykn teesson bulchiinsaa aanichaa magaalaa sheekii kan jedhamuudha. Daangaa Aanaa Dedoo kanaas bahaan aanaa Manchoo, lixaan aanaa Saqqaa Coqorsaa, kaabaan aanaa Qarsaa, kibbaan Ummattoota kibbaan kan daangooftuudha. Aanaan Dedoo gandoota baadiyaa 34fi gandoottaa magaalaa 2 qabdi. Walumaagalatti gandoota 36 kan qabdudha. Manni barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa adeemsa baruufi barsiisuu kan jalqabe bara 1988 yoo taa'u barsiisaa dhiiraal3 fi dubaraa 0fi barattoota dhiiraal76 fi durbaa 46 ida'ama 122 kan jalqabe yoo ta'u amma immoo barsiisoota dhiirota71fi dubartotaa12 ida'ama 83fi dura bu'aa 3 barattoota dhiirotaa 1785fi barattoota dubartotaa 1918 waliigala 3703, akkasumas hojettota bulchiinsaa dhiirota 11fi dubartota 12 ida'ama 23'n yeroo ammaa kana adeemsa baruufi barsiisuu irra jira.

Odeeffannoон kun kan argame I/A mana barumsichaa kan ta'an obbo Yohaannis Hamsaluu irraati.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Yommuu qorattuun qorannoo kana gaggeessitu rakkoleen mudatan keessaan kanneen akka barattooni iddattoon filatamaan yeroo jedhameetti argamuun dhiisuu, meeshaleen akka isteeshinerifi qorannoон bal'aan sadarkaa digirii jalqabaas ta'ee, sadarkaa digirii lammaffaarratti gaggeeffame, lafa hojii qorattuu kan hin jirre ta'uu, qorattuu akka rakkotti muudachuu danda'ee jira. Kun immoo qorannoo haaraa gaggeeffamuuf rakkisaadha. Qorattuunis yeroo ishe aarsaa gochuun yeroo sadii afur gara Moora Yuunivarsiitii Jimmaa deddeebi'uun rakkinicha furuu danda'eera. Rakkoon inni biroo barruuleefi maddoонни baruu qorannoo kanaaf gargaaran baay'een isaanii Afaan Oromootiin waan hin argamneef afaan /Ingiliffaarraa gara Afaan Oromootti hiikuun dhimma itti bahuun rakkinicha furuu danda'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’IINSA BARRUU

2.1. Yaadrime Barreessuu

2.1.1. Maalummaa Barreessuu

Barreessuun dandeettii kalaqa sammuu karaa si’oomina qabuun barruu qopheessuudha. Karaa biraa immoo, ibsa dandeettii sadarkaa gadaanaa kan akka barreeffama harkaa, sirna tuqaalee fi qubeessuu yaammuu ta’u, ammas tartiiba yaada olaana kan akka karoorsuu, tartiibessuufi qabiyyee isaa ibsuu of keessatti qabata Berninger at al(2002). Barreessichi qabiyyee barreeffamu sanatti sirriitti yaada itti kennuu ykn akka dubbisaan hubatutti ibsuun barbaachisaadha. Akka White fi Arndt (1991) Hammad (2013, f.1) keessatti kaa’ame jirutti; Barreessuun adeemsa dandeettii yaada cimaa gaafatuudha. Akkasumas, yaada burqisiisuu, karoorsuu, hogganuu, madaaluu, maaltu barreeffamuu qaba, maaltu barreeffamefi jechoota yaadicha sirriitti ibsan fayyadamuudha. Kana jechuun barreessuun adeemsa barreessan hordofuu qabu of-keessatti hammata. Ergaa dabarsuu barbaade dabarsuuf jechuudha.

Ibsicha irratti hundaa’uudhaan barreessuu akka kanaa gadiitti gudunfuun ni danda’ama. Barreessuun cimina yaaduu, ibsuu, fedhii barreessaan qabu bifa barruun dhiyeessuudha. Kunis deemsa barreessuun qabu Kan of keessaa qabuu fi dubbisaaf karaa ifa ta’een kan dhiyaachuu qabudha.Tigbar Kibret Mulunesh (2018), qorannoo isaa keessatti: Kun kan agarsiisu Barreessuun gocha xiyyeffanno barbaaduu fi shaakala keessa kan argamu malee uumaman akka hin taane eera. Akkuma beekamu dandeettiin kamuu guyyaa keessa kan argatamu kan galma ga’u baratameeti. Waanti barreessaan xiyyeffanno keessa galchuu qabu, yemmuu dubbannu yeroo baay’ee namni waliin dubbannu nu bira waan jiruuf, fuula isaa ilaaluuf carraa waan qabnuuf haala isa waliin of sirreessinee dubbachuu dandeenya.

Yemmuu barreessinu garuu kophaa keenya waan jirruuf carraaakkanaa hin qabnu. Dubbisaan waan ifa hintaaneef tokko gaafatee hubachuu waan hin dandeenyef, gaaffii dubbisaadhaan ka’uu danda’a jennee shaakkinu deebii kennaa barreessina jechuudha. Nunan (1991, f.88) dabalee akka jedhetti barreessuun gocha yaada haaraa argachuun akkaataa itti himoota qindeessanii keeyyata uumuun yaada argatan sana itti ibsanidha. Barreessuun kalaqa yaada sammuu karaa ittiin ibsataniifi bifa ifaa ta’een namaaf akka hubatamu gochuudha. Akkasumas karaa yaada ofii himaa fi keeyyatan akka namaaf hubatamu danda’utti ittin ibsataniidha. Kun

kan mul'isu barreessaan yaada isaa qindeessee akka barruu gaariitti akka dhiyeessuuf fayyada. Itti dabaluunis, barruun yaada fi hubbanna barreessaa hawaasaaf kan ibsuudha. Karaa ogummaa qabuun yaada walitti qindeessuu barbaada.

Barattooni baay'een barreessuun akka waan ulfaataa ta'eetti kaasu, kunis sababni isaa akkaataa fi waayee maalii akka barreessanii sanarraa madda. Akka Terry (2009, f.2) jedhetti sababa namoonni hin barreessinees barreessuu booda dogoggora dhufuu wajjiin walqabata. Akkasumas akka Graves (1994, f.59) immoo kan inni kaa'u "Dogoggoori kan inni mudatu sababaa hubachuu dhabuu dandeettiawan barreessuu, barreessuu dura xiinxaluu dhabuu fi akkasumas seer-luga afaanichaa eeguu dhabuurraa dhufa jedhee kaa'e. Barreessuun seer-luga eeganii yemmuu barreessan jechaa qofa ta'uu dhiisuu danda'a. Garuu yemmuu barattooni waan barreessaan sana utuu hin cinqamiin/dhiphattin/dogoggora tokko malee katabuu danda'aniidha. Yaada argachuu, qindeessuufi yaada ijaaruu, yaada sirri filachuu. akkasumas keeyyata qindeessuu keessatti rakkoon/hudhaan/isaan qunnamuu danda'a. Kunis barsiisaan barattoota isaa akkaataa isaan waa gabbifatanirratti tumsa godhaafi jechaadha.

Kana malees barreessuun dandeettiawan afaanii jiraan keessa ulfaatafi wal xaxaa kan ta'edha. Akka yaada hayyooni kennanitti barreessuun dandeettiawan afaanii jiran keessa faayidaa olaanaa kan qabu ta'ee haala salphaa ta'een to'achuun itti ulfachuu danda'a. Barumsa isaanii keessatti qabxii gaarii galmeessisuuf dandeettii olaanaa kan gaafatuufi itti fayyadama jechootaa, caasaalee hima sirriifi sirnaawwaa hin taanee akkasumaas caaseeffama afanii dogoggora uumuu keessatti gahee inni taphatu olaanaadha. Jefferson K., Ramya Sri R., Radhahrishnan V. Psychology(2020).

2.1.2. Faayidaa Barreessuu

Barreessuun dandeettii barattooni gonfachuu qaban keessaa isa tokkodha. Sababiin isaa yaada isaanii akka gaariitti qindeessuun bifa barreeffamaan akka dhiyeessan isaan gargaara. Akkasumaas barreessuun qabiyyee barreessuu keessatti barbaachisoo, ta'e bu'aa hawasaa keessaa isa bu'urati. Barreessuun barachuun barattooni dandeettii barreessuu fi akkamitti gahumsaan akka barreessan ni baratu. Akkamitti yaada isaanii ibsachuu akka danda'an, haala itti yaada isaanii waliif hiruu danda'an, adeemsa barreessuu kana keessatti ni gonfat. Harmer (2004, f.31-33) akka barreessetti, faayidaan barreessuu barachuu jira. Isaanis akka armaan gaditti ilaaluun ni danda'ama.

- A) Barreessuun yeroo baay'ee akka waliin dubbii yeroo waliin kan wal hidhate miti. Kana jechuun gochaa barreessuu keessatti barattoonni akka irratti yaadaniif gocha waliin dubbii caalaa yeroo dheeraa qabaachuu qabu. Kunis barattoonni carraa qabanitti fayyadamuun jecha yaada isaanii ibsuufii danda'u filachuu argatu. Akkasumas carraa barreeffama isaanii irra deebi'anii gulaalaniifi caasaa isaa sirreffatan qabaatu.
- B) Barreessuun barattoonni jechoota dogogora hin qabne akka fayyadaman isaan jajjabeessa. Sababiin isaa immoo irratti yaadaa barreessuu waan ta'eef wanta sammuu isaanii keessa jiru ibsuuf akka gaariitti isaan kakaasa ta'a.
- C) Barreessuun yeroo mara irra deebiin akka barataan nama taasisa. Barsisoonni dandeettii barreessuu yaadannoo irratti fayyadamu.
- D) Barreessuun yeroo mara qophiiwwaan gochoota garaagaraatiif barbaachisaadha. Keessumaa yeroo barattoonni hima barreessan, barattootaaf yeroo kennudhaan, yaadicha irratti yaadani hima akka barreessan gaafachu.
- E) Barreessuu akka qaama walitti dhufeinya gochoota gurguddootti fudhachuu ni dandeinya. Isaanis shaakala afaanii akkeessuu ykn dubbachuu, barsiisan barattoonni waliin dubbii gababaa akka barreessan gaafachu.
- F) Barreessuun akka gocha gaafannootti fayyadamu. Barattoonni akka gaafannoo qopheessan hiriya isaanii gaafatan gochuu.
- G) Barreessuun barattoonni gochoota gosa garaagaraa akka raawwatan gargaara.

2.1.3. Adeemsa Barreessuu

Dandeettiin barreessuu adeemsa adda addaa of keessaa qaba. Akka Hill (2001, f.46-48) ibsutti barreessuun adeemsa sadarkaalee keessa darbamu Shan ofkeessaakan qabu dha. Adeemsonni barreessuu kanneenis:

- Barreessuu duraa (prewriting)
- Wixineessuu (drafting)
- Keessa deebi'uun gulaaluu (revising)
- Gulaaluu (editing/proof reading)
- Xumuraaf barreessuu/dhiyeessuu (publishing/presenting)

2.1.3.1. Barreessuu duraa/prewriting

Hayyuun kun gulantaa barreessuu duraa yoo ibsu akkas jedha, Akka yaada Hill (2001, f.46-48) tti “prewriting is the first stage in which information or details are gathered and the paper is planned,” kana jechuunis, barreessuun duraa sadarkaa jalqabaa kan ragaalee fi ibsooni gadi fageenya keessatti walitti qabamanii fi bakka itti waraqaan qophaa’uuf karoorfamedha. Kanaaf, bakki xiyyeffannoo guddaan itti kennamuu qabu barreessuu duraa ta’uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

2.1.3.2. Wixineessuu/drafting

Hayyuumti kun wixineessuu yommuu ibsu, “drafting is writing your ideas down in related sentences and paragraphs. The goal during drafting is to let your writing flow without worrying about grammar and mechanics.” Hill (2001, f.46-48). Kunis wixineessuun yaada ofii himaanis ta’e bifa keeyyataan lafa kaawachuudha. Galmi yommuu wixineessuus barreffama ofii dhiheessuun waa’ee seerlugaa yookiin kan biroo osoo hin yaadiin qopheeffachuudha. As irraa kan hubatamu waa’ee waan barreessaa jiranii yaada namatti dhagahame sirriifi ta’uu dhabuu isaa osoo hin sodaatiin baafachuudhaan waraqaa irra kaa’uun barbaachisaa ta’uu isaati. Kana malees, Gaber (2003), “when writing their first draft, students should not expect perfection or even work toward sit. The first draft should be considered as a further means of discovering ideas and what one wants to do.” Akka yaada isaatti barattoonni yemmuu barreffama jalqabaa/wixinee qopheessan irra caalaatti yaadolee burqisiisuu fi maal hojjechuu akka fedhan kan itti calaqqisiisan akka ta’e kaasa.

Most students ignore the above efforts to generate and organize their ideas, and lose track of supporting ideas and the main point. They try to “just write”. It is important to take writing step by step and not to try to write the entire paper at once. This is where a student needs the most support and guidance. Have student write about one point at a time, one paragraph at a time. Then put paragraphs together. Do the introduction and conclusion last? They are easier to write then.

Akka yaada oliitti barreessuu barattoonni baayyeen kan hin jaallanneefi dadhabsiisaa waan ta’eef akka barattoonni tartiiba tartiibaan yaada qindeessan, achiin immoo keeyyata; itti aansee keeyyata walitti fidan; dhumarratti ilaaluun akka cuunfanii barreessan gochuudha.

2.1.3.3. Keessa Deebi'uun Gulaaluu/revising

Haaluma walfakkaatuun, hayyuumti Hill (2001, f.46-48) gulaaluu yeroo ibsu, “Revision means reading your draft closely, remaining true to your purpose and reworking and clarifying your ideas,” jedha. Kana jechuunis, keessa deebi'uun gulaaluun haalaan wixinee dubbisu, kaayyoo ofii of yaadachiisuu, irra deebi'uun hojjechuu fi yaadawwan ofii ibsuudha. Kanumarraa ka'uudhaan keessa deebi'anii gulaaluun adeemsota barreessuu keessaa bakka itti dogoggorri yoo jiraate irra deebu'uudhaan sirreffataniidha. Kana malees, yeroo barreessinu irra deebi'uun ilaaluun rakkolee ykn. dogongora ilaaluuf.

Revisions: Writing is such a personal process and a person’s ego is truly on the line when someone critiques their work. Focus on the general point being made by the student – their thought processes. Always give positive, detailed feedback as well as detailed feedback regarding suggestions for improvement. If sequence is a problem – with scissors, cut your student’s paper into sections and have them arrange the pieces in a more logical order. For many errors – focus only on one type of error, such as use of commas, pronoun use, details, main idea, etc. For spelling errors – focus on five misspelled words at a time for each revision. Do not spell word for the student – refer student to dictionary or spell checker and teach them how to use this resource.

Akka yaada olitti yoo tartiibni jijiirame; yoo dogongorri sirna tuqaalee fi qubguddeessaa jiraate irra deebi'amme ilalamuu Kan barbadamuuf.

2.1.3.4. Gulaaluu/editing

Akka Hill (2001, f.46-48) jedhutti: “In this stage look closely at each paragraph, each sentence, and each word. Do your sentences flow smoothly? Are they grammatically correct? Are your spelling and punctuation correct? Sadarkaa kana keessatti barreessaan tokko tokkoo keeyyataa, himootaafi jechootaa haalaan ilaaluudha. Himooni koo walqabatiinsa qabuu? Gama Seerlugaa fi sirni tuqaalee koo sirriidhaan. bakkatti ilalamuuudhaan sirreffamaniidha gaaffiilee jedhan kanaaf of gaafachuu qaba.

2.1.3.5. Xumuraaf barreessuu yookiin dhiheessuu/publishing

Dhumarratti hayyuun kun xumuraaf barreessuu yeroo ibsu akkas jedha. “Some times sharing your writing with a reader simply means handing it into your teacher. At other times you want your thoughts and ideas to go far beyond the teacher’s desk”, Hill (2001, f.46-48)

Yeroo tokko tokko barreffama kee dubbistootatti kennuun kana jechuun barsiisaatti kennuudha. Yeroo biraa ammo kan ati barbaaddu yaadi kee barsiisaa olillee darbee akka siif deemuudha.waan sirreffamuu qabu hunda erga sirreesineen booda qindeessuudhaan barreffama dhumaan barreessuudha. “The last stage of the process approach to writing is editing. This stage concentrates on linguistic accuracy: grammar, spelling and punctuation.”Harris (1993).Akka yaada isaa kanatti adeemsa barreessuu keessaa inni dhumaan sirreessuu/editing ta’ee xiinqooqa, seerluga, qubee fi sirkatuqaalee ta’uu kaa’e. Dabalataanis, Hewings fi Curry (2003), akka ibsanitti: “the editing stage involves checking references and formatting the students’ writing.” Sadarkaa kanatti irra deebi’anii ilaaluu kan gaafatuudha.

Walumaagalatti, barreessuun adeemsa keessa darbee baratamuun barreffamu mataasaati kan qabudha. Ammuma callisnee lafaa kaanee kan barreessinu osoo hin taane adeemsota barreessuu jiran eegnee barreessuun gaarii ta’a. Adeemsi barreessuu jalqaba ragaalee fi ibsoota garaagaraa kan waa’ee waan barreessituu siif gabbisan walitti qabuutii kaasee hanga barreffama xumuraa barreessuun dhiheessuutti adeemsa sadarkaasaa eeggatee taasifamudha. Barreffama ergaa quubsaa ta’e dabarsu tokko barreessuuf shaakala yeroo dheeraa kan gaafatuufi adeemsota armaan olii kana keessa kan darbuudha.

2.1.4. Rakkolee adeemsa barreessuu keessatti barattoota mudatan

Akka hayyooni afaanii jedhanitti barreessuun uumamumaan cimaadha. Dandeettiawan afaanii kaan waliin yeroo ilaalamu nicima.Sababiin isaas, fakkeenyaaaf yemmuu dubbannu namni waliin dubbannu nu waliin waan jiruuf mallattoolee qaama keenyaa adda addaatiin gargaaramuudhaan yaada keenya ifa taasisnee walii galuu dandeenya. Kana malees, dhaggeeffataan waan isaaf hingalle irra deebi’ee gaafachuudhaan walii galteerra gahuu danda'a. “Writing is hard work for almost every one- it is painful to do the intense and active thinking that clear writing demands. A skill-writing is a skill like driving, typing, or even preparing a good meal. Hayyuu Simon and Schuster” waa’ee barreessuu yemmuu ibsan.Haa ta'u malee barreessuu keessatti namichi barreessuu fi dubbisu walbira waan hin jirreef carraan kun hin jiru. Gama biraatiinis barreessaan jechoota filachuuf dirqama irra deddeebi'ee yaaduu qaba. Dabalataaniis barreffama adeemsa tokkoon kan xumuramu taasisanii fudhachuun rakkolee barreessuu keessa isaan gurguddoodha.

Yeroo baay'ee barattoonni yemmuu barreessuu shaakalan rakkoleen yeroo baay'ee isaan mudatu nijira. Yeroo shaakala barreessuu adeemsisan, rakkoleen Kanneen akka filannoo jechootaa, irra deddeebii jechootaa, rakkoo itti fayyadama jechootaa, rakkoo qubeessuu, rakkoo caaslugaa, rakkoo itti fayyadama sirna tuqaaleefi W.k.k.f. maqaa dhahuun ni danda'ama. Isaan kana tokko tokkoon akkataa kanaan gaditti ilaaluu nidandeenya.

2.1.4.1. Filannoo Jechoota dhibuu

Filannoo jechootaa yeroo jennu, jechoota yaada keenya keessa jiru akka sirriitti ibsuu danda'anitti gargaaramuun barreessuu jechuudha. Yaaduma kana Fedhaafi Abarraa (1996, f, 82) yaada dabarsuu barbaanne sana kallattiidhaan gabaabsinee, garuu ifa taasisnee yoo keenye dubbisaan keenya barreffamicha akka nuuf dubbisuu danda'an lafa kaa'u. Yaada kanarrraa kan hubatamuu jechoota yaada keenya keessa jiru filannoo jechoota eegnee yoo barreessine dubbisaan yaada barreffamicha sirriitti hubachuu kan danda'u ta'uudha.

2.1.4.2. Irra Deddeebii Jechootaa Baay'isuu

Dandeettii barreessuu keessatti irra deddeebiin jechootaa yaada barreffamaan dabarsuu barbaanne sana keessatti jechoonni hin barbaachisne irra deddeebi'anii argamuu jechuudha. Haalli kunis akkuma dubbi keessatti yoo jechoonni hinbarbaachisne irra deddeebi'an nama dubbisu nuffisiisu, yommuu barreffama keessatti jechoonni irra deddeebi'an, qulqullinni isaa dubbistoota biratti gatii dhabuu danda'a. Yaada kana Fedhaafi Abarraa (1996, f.82) hima tokko keessatti jechoonni osoo hinbarbaachisiin deddeebi'anii galuun guutummaa ergaa barreffamichaarratti dhiibbaa akka qabu ibsu. Yaada kanarrraa wanti hubatamu jechoonni iddo hinbarbaachisnetti galuun dubbisaa kan nuffisisuufi erga dabarsuu barbaadee irratti gufu ta'uu mul'sa.

2.1.4.3. Sirna Tuqaaleefi Qub-guddeessatti Seeran Fayyadamuu Dhiisuu

Barreffamni tokko qulqullinaafi ergaa guutuu akka dabarsuuf, barreffamicha keessatti sirni tuqaaleefi qub-guddeessatti seeran gargaaramuu qabna. Himni yookan barreffamni tokko maaliif akka tajaajilu ifa kan godhu, yoo sirni tuqaaleefi qub-guddeessi seeran tajaajilanidha. Yaada kana Fedhaafi Abarraa (1996, f.92) akka jedhanitti barreffamaan ergaa dabarsuuf barbaannu, mallattoowwan adda addaa waan ittiin agarsiifnu, kanneen akka mallatloo tuqaa, mallatloo gaaffii, raajeffannoo, qoodduu ...fi w.k.k.f bakka barbaachisummaa isaaniitti fayyadamuu akka qabnu ibsu.

Akkasumas qub-guddeessi barreeffama keessatti maaliif akka fayyadu Fedhaafi Abarraa (1996, f.93) akka ibsanitti qabee guddaan eessatti akka tajaajiluu qabu beekuun barbaachisaa ta'ullee, namoonni tokko tokko haaluma isaanitti fakkaateen barreessaa akka jiran ibsu. Haata'uumeeli, haalli akkasii kuni ergaa dabarsuuf barbaanne sanarratti dhiibbaa akka qabu hubachuun gaariidha. Kanaafuu barreeffamaan ergaa sirrii ta'e tokko dabarsuuf sirna tuqaalee sirrii hima keessatti fayyadamuun, Kanamalees qub-guddeessa iddo barbaachisutti gargaaramuun barreessuun akka barreeffamni keenya ergaa guutuu akka qabaatuufi qulqullina argatuuf gargaara.

2.1.5. Maalummaa Keeyyataa

Himoonni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuura tokko dabarsan irraa kan ijaaramu keeyyata jedhama. Akka Zemach and Rumisek (2005, f.11) jedhanitti keeyyata jechuun tuuta himootaa ta'ee waayee mata duree tokkoratti Kan xiyyeffatudha. Himootni keeyyata kunis yaada barreessaa sanaa kan calaqqisiisanidha. Gama biraatiin keeyyatni tuuta himoota wal fakkaatanii kan yaada mata duree tokkoo ibsanidha. Tokkon tokkoo himaas yaadrimee walii isaanii Kan calaqqisiisanii fi waayee mata duree Sanaa haala ibsuu danda'uun kan gabbisudha. Bonet (1991, f.71). (Moreover, fowler (2006, f.26). Akka Yule (1996) jedhetti keeyyata karaa walitti hidhuun barreeffame yoo xiqqate hima Shan of keessaa qabachuu qaba. Tokko tokkoon keeyyaticha waa'ee hima kanaa yaada ijoo tokko bal'isee dubbata yoo keeyyatichi qindoomina qabaate dabalataanis tokko tokkoon keeyyatichaa hima keessatti osoo kan biraatti hin cee'iin dura himichi duraa addaan baafamuu qaba. Karaalee jechoonni kunnin itti walqunnamsiifamu jecha adda ta'een fayyadamuun Kan ceesiistu jedhama.

Yoo keeyyanni keessan qunnamssiistuu of keessaa yookaan kan akkasii of keessaa qabate, keeyyata walitti qinda'aan jechuu dandeenya ykn keeyyata bal'aa jechuu dandeenya. Akka Wyrich (2013) jedhutti keeyyata jechuun garee himootaa ta'ee kan yaada waliigalaa irraa ijaaramedha. Kaayyoon keeyyata kanas inni guddaan karaalee barattooni keeyyata bal'aa ta'ee ijaaramuu ykn raawwachuu qabaniidha, akkasumaas dirqama hima tokko ykn keeyyata lama ta'uu hin qabu. Sababni isaa gaazexessaan tokko seeraa murtaawwaa ta'e hordofuu keessatti yaanni ykn himni irra deeddebiin akka hin uumamne irraa of eeggachudha. Kanaafuu keeyyanni haala surnawwaa ta'een yeroo hundaa barreeffamun yoo xiqqatee hima jaha of keessa qabachuu qaba, kana jechuun sirritti kana achittii xiqqachuu ykn karaa hundaan baay'ee

irraa bal'aa ta'ee barreffamu qaba jechuudha. Kaayyoon keeyyata tokkoo inni ijoon akka yaada waliigalaa tokko qabxii tokkoon xumuramaniidha, Akkasumaas akka mata duree himichaa jechoota gahaa 250 hanga 300 fayyadamuun barreffamu akka Markel(1994) tti.

Keeyyatni qindoomina (ijaarama) utubaa yaadolee waraqarra taa'aniiti. Barattoonni baay'een keeyyata dheerina yaadasaa jechuunis ijaarama yoo xinnaate himoota shanii fi isaa ol akkasumas walakkaa waraqaa barreffamaa fudhachuu kan danda'uun ibsuu danda'u. Dhugaatti tokkummaafi walfakkeenyaa yaadolee himoota sana keessa jiraaniin keeyyatni ijaaramuu danda'a. "Keeyyatni tuuta himootaa ykn hima boqonnaa uumanii" Lunsford and Connors (116). Dheerinni ykn haalli dhiyeessaa kutaalee (fuula) waraqaa waayee keeyyata murteessuu hin danda'u. Garuu bakka tokko tokkotti akkaataan barreffamaa fakkeenyaa addatti ogummaa gaazexeessummaa keessatti keeyyatni hima tokko qofa ta'uu danda'a. Dhumarratti (walumaagalatti) keeyyatni hima ykn tuuta himootaa kan yaada tokko deeggaranii fi maalummaa yaada sanaa ibsanidha "As keessatti dhuma to'annaa yaadaa kaasna. Sababni isaa yaada keeyyata isa itti aanuu sana to'ata waan ta'eef."

Akkuma himni jechootarraa ijaaramu keeyyanni immoo qindaa'ina himootaatiin ijaarama. Barreessittonni adda addaa keeyyataaf hiika laataniiru. Akka Cambridge international dictionary of English jedhutti "keeyyanni barreffama gababaa ta'e hima tokko yookiin tokko ol kan qabuufi bo'oo haaraa irratti kan jalqabamudha". Himooni keeyyata tokko keessa jiran walitti hidhachuudhaan yaada ijoo achi keessatti ka'e Sana guddisaa deemu. keeyyanni yaada ijoo tokko qofa Kan keessummeessu waan ta'eef himoota baay'ee ta'an itti naquun humna isaatii ol ta'a. Keeyyanni sadarkaalee ogummaan barreessuu itti gabbifamu keessaa isa tokko. Ogummaa keeyyata gaarii tokko barreessuu gonfachuufis hubannoong keeyyatarratti qabnu barbaachisaa dha.

2.1.6. Faayidaa Keeyyataa

Keeyyatni faayidaa guddaa qaba. Faayidaan isaas himoota yaadaan walfakkaatan gurmeessuun dubbistoota karaa qabsiisuufi barreffama keenya gabaabsinee barreessuun dubbistootaaf mijeessuudha. Kana malees keeyyanni karaalee ogummaa barreessuu ittiin gabbifatan keessaa isa tokkodha. Ogummaa keeyyata gaarii tokko gonfachuufis hubannoong keeyyata irratti qabnu barbaachisaadha. Addunyaa (2008, f.147). Kanaafuu keeyyanni haala gaariin qindaa'ee barreffame, odeeaffanno dabarsuufi dubbistootatti hamilee horuuf /onnachiisuuf/ gargaara.

Kana malees keeyyata barreeffame tokko bu'uura godhachuun kan biroo barreessuuf fayyada. Gabaabumatti keeyyanni yaada handhura ta'e tokko qabatee fakkeenyaan deggaruun babal'isuun ergaa kan dabarsuudha.

2.1.7. Adeemsa keeyyata barreessuu

Akka toora interneetii <https://www.brighthubeducation> jedhutti Tarkaanfiiwwaan adeemsa keeyyata barreessuu sadan akka armaan gaditti tarreeffamanidha.

1. Mata duree keeyyataa barreessuu
2. Qaama keeyyataa barreessuu
3. Xumura keeyyatichaa barreessuudha.

Adeemsi keeyyata barreessuu himoota jaha ykn isaa ol ta'uu danda'a.

Tarkaanfii 1ffaa: Mataduree keeyyata of keessaa qabu barreessuu; mataduree keeyyata keessatti argamu kallattii yaada waan irratti barreessinu sanaa kan nutti argisiisuufi waayee mata duree sanaa ibsa gahaa ta'e kan nuuf kennuu danda'udha. kana jalatti

Hima barreessinu: Yoo akkaataa hammattuu rog-sadeen qindaa'e

Barreessi: Yoo hammattuu rog-sadee qindaa'ee seerluugicha eegee akkasumas akkaataa waan sana ibsuu danda'uun.

Tarkaanfii 2ffaa: Qaama keeyyataa barreessuun adeemsa keeyyata barreessuu ta'ee tarkaanfii kana keessatti adeemsi barreessuu hunda Kan of jalatti qabatudha. Tartiiba turtii walii galaa keeyyataas of jalatti hammata. Qaama keeyyataa barreessuun dura tarkaanfii keessa darbuu hunda kan eeggate ta'uu qaba. Erga tarkaanfiwwan keessa darbu tarreessineen booda qaama keeyyataa barreessuun yaa'iinsa yaadolee ykn ergaawwan dabarsuu barbaanne sana jechoota qindeessinee ittiin ibsina.

Tarkaanfii 3ffaa: xumura(gudunfaa) keeyyata himaa xumuraa yaada of keessaa qabu ta'ee gudunfaa yaadolee gubbaatti keeyyata keessatti taa'anii kan kaa'udha. As keessatti axereeraa (draft) jalqabaa keenya qaaccessuun sana booda gara keeyyata guutuutti jijiiruu keenya duraa mirkanoeffachuu keenya dirqama ta'a. kunis duraa duuba yaadolee keeyyata sana keessatti

keenyu akkasumas dogoggoroonni yaada ykn seer-lugaa afaanichaa akka nu hin muudanneef nu gargaara jechuudha.

2.1.8. Kaayyoo keeyyataa

Akka toorri interneetii Jaigobin Shivcharran, formr English Teacher at New York city Depatrment of Education ibsuti “utuu gara kaayyoo keeyyataatti hin ceehin dura faayidaa keeyyataa baruufi hiika keeyyataa beekuu qabna.” Akkataa dhuma kanaan keeyyatni qoqqooddii xixiqqaa himootaa ta’ee yaada walfakkaataa ta’e tokko mata duree tokko jalatti ibsuu kan danda’u jechuudha. Tokkoo tokkoo keeyyataas mata duree garaa garaa Kan yaada mataa mataasaanii ibsuu qabaachuu danda’u. Seensa keessatti yaadrimen wal-fakkaataa mata duree Sana jalatti Kan ibsamuufi barreessaan yaada mata isaa mataduree sana keessaatti ibsachuun yaad-rimee mataduree sanaa gabbisa. As keessatti, qaaccessa sadii ykn afur ta’antu qabiyyee kana keessatti ka’uu danda’a. kanaaf tokko tokkoo qaaccessa kanaa keessatti faayidaansaa keeyyata sana keessatti ibsama. Kun bakka itti faayidaa keeyyata itti dhufudha jechuudha. Keeyyata tokko keessatti qaaccessa tokko qofatu ifuu danda’a. Kanaafuu, yoo qaaccessa afur keeyyata tokko keessatti kan geggeessinu ta’e kun kan agarsiisu keeyyata mataasaa danda’e afur kan qaaccessaa mataa mataasaa qaban uumne jechuudha.

Keeyyatni kun arfanis qaama keeyyataa jedhamu. kanaafuu faayidaan keeyyataa ibsamu tokko tokkoo keeyyataa keessatti si’ a tokkotti waayee keeyyata sanaa kan qaacceffamu ta’ee kunis kan keeyyata tokkorraa gara keeyyata biraattii cehuuf kan tajaajiludha. Kanaaf keeyyatni kan inni mul’isu gocha yaada tokkoo gara yaada biraatti cehutti kan ibsamudha. Asitti wanti hubatamuu qabu qaaccessi afur keeyyataa qabiyyeewwaanii jaha of keessatti qabata. Isaanis keeyyata seensa, qaama keeyyataa, keeyyata qaaccessaa afuriifi xumura keeyyataati. Walumaagalattii akkaataa yaada ofii tokko itti ibsat an keessatti qaaccessa tokko gochuuf keeyyata barbaadamu sana fayyadamna jechuudha. Kanaaf faayidaan keeyyataas walitti fufiinsa ykn yaa’insa yaadotaa irratti hundaa’ a jechuudha. Dabalataanis Akka www.Quora.com kaayyoon keeyyataa himoota wal-fakkaatoo ta’an ykn immoo ergaa wal-fakkataa dabarsan walitti qindeessuudhaan mata duree tokko jalatti seenaa ykn yaada waan irratti barreessuu barbaanne sanaa yommuu kaasnudha.

2.1.9. Qaama keeyyataa

Qaama keeyyataa jechuun qabiyee keeyyataa seensaafi xumura gidduutti kan argamuufi qaamni keeyyataa qabiyee jecha dheeraan adeemu ta'ee qaama keeyyataa sadiin uwifamee kan adeemuudha. Akka Walters (2000) jedhutti akka sirna barnootaatti keeyyatni barreffamu kamiyyuu qaama 3(sadii) qaba. Qaamni sadan kunis

- ✓ Hima Ijoo
- ✓ Hima callaa
- ✓ Hima Gudunfaa jedhama.

2.1.9.1. Hima Ijoo

Hima ijoo jechuun waa'ee keeyyatichaa kan ibsudha. Innis qaama jalqaba keeyyaticha irraa umameefi yaada ijoo Kan ibsuudha.himni ijoo dalagaa gurguddoo sadii of keessa qaba.

1. Qabxii yaada ifaa keeyyatichaa
2. Waa'ee ibsa ykn kaayyoo keeyyatichaa
3. Kaayyoo ykn dhimma keeyyatichaati

Qaama keeyyatichaa hordofuudhaan yaadni callaa fi ibsi hundinuu dirqama hariiroo kallatti waliin qabu fi waa'ee hima ijoo Sana ibsu ta'uu qaba.Akka Stanford and Smith (1980) state that: "That topic sentence can be developed when putting specific ideas and the general statement in order in a paragraph, because it gives the audience an idea about the paragraph." Himni ijoon Kan inni guddachuu danda'u himoonni gooroon yaada ifaan qindaa'ani yemmuu taa'aniif tartiibni himoota taa'anii kunis odeeffannoo /ragaa keeyyata irratti barreffamu Sanaa yemmuu ibsuu danda'anidha.

2.1.9.2. Hima Callaa

Hima callaa jechuun, garee himoota ibsu ta'ee waa'ee hima ijoo fakkeenyaan deeggaruun Kan ibsudha. Dabalatanis yaada gadi fagoo ibsa bal'aa yaada keeyyatichaa kennudha. Akkasumaas himoonni keeyyata ijaaran himaa callaa jedhamee waamama. Himnii callaan mata duree hima keeyyata tokkoo utubuudhaaf gargaara. Kunis utubduu himaa mata dureen keeyyatichaa yaada ykn ragaa qabatamaa keeyyatichaa dubbisaaaf kaa'uu danda'uun akkaataa ergaa guutuu dubbisaaaf dabarsuu danda'uun ibsamudha.O'Donnell & Judith (1993)

2.1.9.3. Hima Gudunfaa

Walumaagalatti himni gudunfaa yookan himni goolabaa waa'ee ergaa keeyyatichaa cuunfee dhuma irratti kan yaada keeyyatichaa qabxii tokkoon kan ibsudha. Akkasumas qaama keeyyataa sirna barnootaa kamiyyuu keessatti hin mul'atu. Keeyyanni muraasni gara baay'ee xiqqaatti mul'atu kunis hima akkasii of keessa hin qabu. Kaayyoo caaseffama akkaadamii keeyyata baay'ee foyyaa'aa ta'ee barra'uuf ykn gudunfuuf qaama gudunfaa sadan of keessaa qabaachuu qaba. Dabalataanis Boardman & Frydenberg (2008) akka jedhanitti himni goolabaa(gudunfaa) keeyyata of danda'aa keessatti guddaa barbaachisaadha. Irra jireessa goolabaa keeyyata ykn keeyyatni xumura (gudunfaa) waayee mata duree sanaa irra deebi'ee kan ibsuun ykn hima xumuraa yaadaa jedhamee waamamuu ni danda'a. kunis odeeffannoo mata duree sana walfakkaate kan kenu. Garuu immoo karaa garaa garaan kan ibsuu danda'udha. Gama biraan gudunfaa hima gosa gudunfaa hima biraanis kaa'amuu danda'a. Gudunfaan hima gosa akkasii himoota utuboo ta'an biraa waliin ta'uun gudunfaa hima isa dhuma sana gargaaruu danda'u jechuudha. Gudunfaa hima irra caalaa haala gabaabaa ta'een cehumsaan Kan ta'u jechuunis gabaabaa, hunda galeessa, xumura fi goolaba (walitti qabanis ka'uun ni danda'ama.Himni gudunfaa hundi yeroo hunda cehumsa barbaaduu dhiisu danda'a.

2.1.10. Gosoota keeyyataa

Keeyyanni bakka adda addaatti qoodamuu ni danda'a. kunis akkaataa itti xiyyeefatee barreeffamu irratti hunda'a. Akka Ameri (2008) jedhutti gosooni keeyyataa baay'een jiraachuu danda'a jedha. Dabalataanis akka toora interneetii irraa argannetti keeyyata gosoota gurguddoo afuritti qoodaniru. Isaanis keeyyata ibsaa, keeyyata seenessaa, keeyyata addeessaafi amansiisaadha. Kanneenis tokko tokkoon haa ilaallu.

2.1.10.1. Keeyyata Ibsaa

Keeyyata ibsaa jechuun gosoota keeyyataa ta'ee bakka, wantoota, bineensotaafi yaadota dubbistootaaf kan ibsuudha. Gaaleewan ibsituu qaamolee miira keenyaa shananiin beekuu dandeenya.Akkamitti wantootni akka nutti beekaman, urgaa'an, sagaleeffaman, dhandhamamaan ykn fakkaataniidha. Jechoota ibsuu caalmaan fayyadamuun fakkii sammuu dubbistootaa keessatti kaasuu jechuudha. Keeyyata ibsaa gaariin dubbistootni akka wanta barreessaan barreesse akka waan muuxanno isaa qabanitti mul'isa. Keeyyatni ibsaa asoosama barreessuu keessatti humna guddaa qaba. Keeyyanni kun yoomessa seenaa keessatti itti gaafatamummaa qaba.

Yaaduma kana ilaachisee Amiri (2008) akka jedhutti yemmuu keeyyata ibsaan kana barreessinu miira ykn nam-fakkii jechoota keessa jiraniin kan walqunnamnudha. Jechuunis waan tokko maal akka fakkaatu, sagaleessa, foolii, miirafi dhamdhama waan tokko keeyyaticha keessatti ibsina. Fakkeenyaaf yoo taatoon filmii tokkoo bareedduu taate, odeeefannoonttu itti aanee dhufu hamma taatoon fiilmichaa bareedduudha. Kan jedhu ka'unsa hin oolu. Dabalataan kaayyoon keeyyata ibsaan: fakkii ifaa ta'e sammuu dubbisaa keessatti uumuudha. Dubbisaa sammuusaa/ishee keessatti fakkii waan sani arguu danda'uu qaba.

2.1.10.2. Keeyyata Seenessaa

Keeyyatni seenessaa, akka yaa'insa isaa eegnee seenessinuuf nu gargaara. Keeyyatni seenessaa gocha, taatee fi jechoota ibsaan midhagoo ta'an of keessaa qaba (of keessatti hammata). Keeyyatni kun dubbistootni akka si'atanii dubbisan taasisa. Keeyyatni seenessaa kun keeyyata ibsaan waliin walfakkaata. Garuu keeyyatni seenessaa, seenduubee dubbistootaaaf dhiyeessa. Kunis taateewwan darban ykn sababoota taateewwaan kun raawwatan kaa'a. Keeyyatni kun barreessitoota asoosama barreessaniif baay'ee barbaachisaadha. Akka dubbistootni fakkii isaa ilaalan taasisa. Dabalataan akka Boardman (2000) jedhutti keeyyanni seenessaa waayee seenaa dhimma tokkoo karaa salphaa ta'een Kan kaa'u keeyyata seenessaa jedhama.

Gosti keeyyata kanaa irra guddeessa kan ibsu waayee taatee ta'ee darbe tokko kan ibsudha. As keessatti gurmaa'insa walfakkaataa keeyyata biraajin kan qabudha. Jechuunis hima mataduree, hima deeggarraa (utubaa)fi hima xumuraa hundi gurmaa'anii yaada walfakkaataa dabarsu jechuudha. Asittii, keeyyata seenessaa keessatti cehumsa addaa kan tartiiba himoota utubaa kan qaama keeyyatichaa keessatti argamaniiti. Cehumsi kunis haala kanaa gadiitiin ibsame. Tokkon tokkoo cehumsaas mallattoo qoodduutiin kan adda buhu ta'uu hubachuunis barbaachisaadha.

Bakka gurmaa'insa keeyyata seenessaa

As keessatti sababa kaayyoo barreessaa fakkii mul'ataa ta'e sammuu dubbisaa keessatti uumuuf barreessuuf, tartiiba isa fayyadamuun murteessaa ta'e. Gama biraan irraa gara jalaatti ykn jalaa gara irratti ta'uu qaba, kallattiin gama tokkoo gara biraatti malee inni gidduu hin jijiiramu. Bakki gurmaa'insaa keeyyata seenessaa keessatti tartiiba bakkaa guddisuuf faayidaa guddaa qaba. Bakkeewwan gurmaa'insaa beekamoon: naannoo, irra, bira, jala, gidduu, keessa, fuulduraa, itti fufa, ol, gadi fi k.k.f.dha. Boardman (2008)

2.1.10.3. Keeyyata Amansiisaa

Keeyyatni amansiisaa kan barreessaan yaada dhuunfaa isaa ittiin ibsatudha. Keeyyatni kun odeeaffannoo dhugaa kan yaada barreessaa deeggaru ofkeessaa qaba. Keeyyatni akkasii kun haasawaa ykn gulaallii barruu kan galmi isaa amansiisu ta'ee keessatti ni argama.asoosama keessatti dubbistoota amansiisuuf keeyyata kanatti fayyadama.

2.1.10.4. Keeyyata Addeessaa

Keeyyatni addeessaa odeeaffannoo waa'ee mata duree tokkoo dubbisaatiif dhiyeessa. Keeyyatni kun kallattii agarsiisuu danda'a ykn deemsa gochi tokko itti raawwatu agarsiisuu danda'a. Keeyyatni addeessaa uumamuma isaatiin wanta dhugaa (qabatamaa) ta'e irratti xiyyeffata. Barreessitoota asoosamaatiif akka meeshaatti tajaajiluu hin danda'u. Yaada kanatti dabalataan akka Boardman (2008) jedhetti Keeyyata gosa kanaa keessatti akka barreessaa tokkootti akkaataa wanti tokko ittiin ibsamudha. Karaa waloon walfakkaataa ittiin ibsamu fakkeenya kenuudhaan ta'uu danda'a. Tartiibni ka'umsaaakkuma keeyyata ibsaa keessatti bakka guddaa qabu as keessattilee qooda olaanaa qaba. Barreessaa ta'uudhaan murtee mataa keefi tartiiba ykn yaa'insa yaadaa himoota utuboo keessatti keessuun kaa'uu dandeessa. Sababnisaa mata dureen ati keessu namaa namatti garaa gara ta'uu waan danada'uuf cehumsoonni as keessatti gargaaruu danda'an, jalqabaa, jalqabe hundaa, lammaffaa, sadaffaa, ittifufee, xumurraati.

2.1.11. Qajeelfama Dandeettii Keeyyata Barreessuu

Keeyyata barreessuu keessatti barsiisaas ta'e beektoonni qajeelffamagaraagaraatti fayyadamuu n yommuu barreessan ni mul'ata. Garuuirra caalaan isaanii bakkaitti waligalan qabu. Akka Baa yireen (1988) ka'eetti qajeelfamoota armaan gadii ka'ee jira.

Kan sirreessu irratti xiyyeffatu

Barattoonni yommuu keeyyata barreessan dursi kan Kennamuuf ofuma isaaniitiin akka sirreessan, itti aansee hiriya isaanii akkaisaanii sirreessan dhumairratti barsiisaan akka sirreessu taasisa ta'a. Kanaafuu yaada keeyyata keessatti barreessinu namoota biroo karaa qajeelchuuf, itti agarsiisuuf, amansisuuf, hubachisuuf Kan gargaaru dha.

Kan yaada ofii ibsuu irratti bu'uureffate

Keeyyata barreessinu keessatti waan barreessaatti dhagaa'ame, hubachiisuu barbaade, miira itti dhaga'ame yaada mataa isaatiin Kan ibsu yoo ta'ee dha.

Barreeffama irratti kan xiyyeffatu

Barreessaan tokko mata duree adda addaa irratti keeyyata gosa garaagaraa barreessuu danda'a. Kanaafuu, barreeffamni isaa kun ibsaan, addeessuun, fakkeenya, kenuun, wal dorgomsiisuun barreessuu ni danda'a.

Kaayyoo irratti kan xiyyeffatu

Namni barreeffama adda addaa barreessu kaayyoo mataa isaa ni qaba. Kanaafuu keeyyanni inni barreessu kaayyoo sanaan ala deemuu hin danda'u.

2.1.12. Amaloota keeyyata Gaarii

Dandeettiawan afaanii gargar bahanii hin barsifamani malee, amaloota gargar ta'an ni qabu. Akka Byrne (1988) amaloota barreessuufi dubbachuu waldorgomsiistee ibsiteetti. Dandeettii barreessuu kan adda taasisan ni jiru. Isaanis, hima barreeffama keessatti mul'atan, hubannoofi xiyyeffannoo haala ifa ta'een akka ergaa dabarsuu danda'utti qindaa'anii dhihaachuu qabu. Kun kan ta'uu danda'us, barreessaafi dubbisaan walbira waan hin jirreef yoo yaanni barreessaa ifaa hin taane, dubbisaan hubachuu hin danda'u.

Akkasumas barreessaan sirna tuqaalee, qubguddeessa jechoota walta'insaafi xiyyeffannoo agarsiisanitti fayyadamuun yaada isaa ifa gochuun barbaachisaa akka ta'e addeessitee jirti. Barreessuun hojii sammuu waan ta'eef, baay'ee walxaxaafi ulfaataadha. Kunis kan ta'e karaan barreessaan yeroo tokkotti wantoota hedduu itti fayyadamuufi to'achuun agarsiisuudha. Dhimma kanarratti Misgaanuun (2011, f.59) Itaaloo (1999, f.19) wabeeffachuuun, "Dandeettiin barreessuu hojii sammuu haala malee walxaxaa waan ta'eef, barreessaan yeroo tokkotti wantoota hedduutti fayyadamuufi to'achuun agarsiisuudha" jedhee ibsa.

Yaada armaan oliirraa kan hubannu, barreessan tokko yommuu barreeffamicha keessatti to'annaq abiyyee, qubeessuu, caasaa himaa, jechoota filachuu, sirna tuqaaleeffi qindoomina himaa tasisaan kan barreessu ta'uusaati. Karaa biroon, Nunan (1991), "barreessuun kan ulfaatuuf namoota baay'een qulqullina barreeffamaatiif kan dhiphatan waan ta'eef ta'uu ibsiti". Richards (1990, f.21) yoo ibsu, dandeettiin barreessuu afaan dhalootaanis ta'ee afaan lammaffaan barachuun hojii cimaa barattoota kutaa keessatti mudatan keessaa isa duraati jechuun dandeettiawan afaanii keessaa barattootatti kan ulfaatu ta'uusaa dubbata. Amaloota keeyyata

gaarii sirriitti hubachuuf, yaada garaagaraa hayyonni eeran armaan gaditti kaa'amee jira.Diyanifi Pat (1998) amaloota keeyyata gaarii ilaachisee yoo ibsu barruun tokko barreffama gaariidha; jedhamuuf amaloota afur jiraachuun dirqama ta'uusaati. Isaanis, tokkummaa, walta'iinsa, xiyyeffannoofi guutummaadha.

2.1.12.1. Tokkummaa

Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yaanni himoota keeyyaticha keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo keeyyatichaa waliin walqabataniidha. Haaluma walfakkaatuun, barruun barreffame tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yoo keeyyanni barreffamicha keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo barreffamicha waliin walqabatanii dhihaataniidha. Barruun tokkummaa qabu, keeyyata yaadni ijoon isaa ifa ta'ee dhihaatedha.Himni ijoon kunis, akkuma keeyyata keessatti bakka garaagaraatti galuu danda'u barruu guutuu keessattillee bakka garaagaraatti galuu danda'a.Barruun tokkummaa qabu dubbistoota hin rakkisu.Dubbistoonni barreffama tokkummaa qabu yoo dubbisan, haaluma salphaa ta'een hubatu.Kana jechuun salphaatti keeyyata tokkoraa gara keeyyata biraatti akka ce'an isaan taasisa. Barruun tokkummaa hin qabne garuu dubbisuudhaaf nama rakkisa kanamalees dubbistoonni kaayyoo barreffamicha hubachuu akka hin dandeenye taasisa.Crimmon (1963).

2.1.12.2. Walta'iinsa

"Coherence refers to connectedness of ideas for lack of connectedness that would make a text difficult to read or unreadable" Brostoff (1981) walitti hidhamiinsi kan inni ibsamu walitti hidhamuu dhaabuun yaadota waan barreffame sanaa akkaataa inni hin dubbifamne ykn seeraan barreffamuu dhabuu waan barreffame sanaati. Barruun tokko barreffama gaarii jedhamuuf ulaagaa inni guuttachuu qabu keessaa kan biroo walta'iinsadha. Walta'iinsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himni gargaartun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsan. Haaluma walfakkaatuun keeyyanni haala armaan oliitiin qindaa'e walduraa duuba isaanii eeganii yoo dhihaataniidha. Broadmanfi Frynberg (2008).Barruu tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaanii hubachuu danda'aniin qindaa'uu qaba. Kunis yaandonni barreffama keessatti dhihaatan walta'iinsa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraaduuba isaanii eeganii qindaa'uu qabu. Diyanifi Pat (1998), Yaada armaan olii yoo cimsu barreffamni akkaataa nama amansiisuun qindaa'e, barruu walta'iinsa qabu ta'uusaati. Akkasumas barreffamni haala gaariin hin qindeeffamne immoo dubbistoonni ergaa isaa salphaatti akka hin hubanne taasisa.

2.1.12.3. Xiyyeffannoo

Xiyyeffannoonaan baruu tokko baruu gaariidha kan jechisiisan keessaa isa tokkodha. Keeyyanni tokko xiyyeffannaan qaba yommuu jedhamu, himoonni callaan hima ijoo keeyyatichaa ibsuuf yoo tarreeffameefi akkaataa walduraaduuba barbaachisummaa isaaniitiin sirriitti yoo tarreeffamaniidha. Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyyeffannoo qabu tokko keeyyattonni yaada barreffamicha walduaa duuba barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. Kellyfi Lawton (2006).

2.1.12.4. Guutummaa

Guutummaan keeyyata tokkoof barbaachisaadha. keeyyatni guutummaa qabu kan beekamu, ergaa yookiin yaanni barreffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti akka hubatamu yoo ta'eedha. Kellyfi Lawton (2006) guutummaa barreffamaa yoo ibsu, jechooniifi himoonni keeyyata keeyyataafi keeyyattonni barbaachisoo hin taane akkasumas hiika isaanii ifa hin taane keeyyatichaa keessatti yookiin barreffamicha keessa yoo hin jirreedha. Walumaagalatti, keeyyanni yookaan barreffamni tokko gaariidha kan jedhamu, ulaagaalee armaan olitti ibsamuu yaalaman yoo of keessatti qabaatedha.

2.1.13. Rakkolee keeyyata barreessuu keessatti barattoota mudataan

Barreessuun dandeettii afaanii keessaa isa tokko ta'ee kan barattoonni kamiyyuu gonfachuu qaban keessaa isa tokkodha. Dandeettiin barreessuu kun barattootaaf bu'aa olaanaa qaba. keeyyata barreessuun barattoota irratti wantoota rakkoo ta'a jedhame yaadamu ,xinsammuu barreessitootaa,rakkoo seerlugaa, rakkoo jechoota filachuu, himoota salphaafi hima xaxamaa akkaataa walitti fiduun ijaaru fi rakkoo hubannoo fa'i, jedhamee yaadama.kana malees kanneen keeyyata barreessuu irratti rakkoo ta'an gochaalee(shakala kibaata barataa keessatti dhiyaatu),barattootafi barsiisadha.

A. Barsiisaa

Barsiisaan daree barnootaa keessatti kan haala mijataa uumu keessaa isa jalqabaa ta'uu ni beekama.Barsiisichi daree qindeessuuf hamilee guddaa qabaachuu qaba. Akka Laangaan (1985, f.89) jedhutti barsiisaan mooraalii hinqabneefi ilaacha gaarii hin qabne daree barnootaa keessatti keeyyata barreessuu dadhabsiisa. Kanaafuu mooraaliin barsiisaa sadarkaan barnootaa, ilaachi barsiisaan dogoggora barattoota sirreessuuf qabu barreessuu barattootaa irratti rakkoo

dha.Barsiisaan barattoota keeyyata barreessisuuf kaka'umsa akka horatan gochuuf amaloota kanaan gadii qabaachuutu irra jiraata.

- Ilaalcha gaarii keeyyata barreessuuf qabaachuu qaba.
- Gochaalee baay'ee barbaachisoo ta'an karoorsuun yeroo gaha kennuufi qaba.
- Baratoonni barreeffama isaanii walitti akka agarsiisaniifi walgorsan gochuu qaba.
- Yeroo tokko tokko baratoonni dhuunfaan ykn gareen keeyyata gosa garaagaraa barreessuuf shaakala akka godhatan taasisuudha. Yaaduma kana ilaalcissee Cristle (1995) akka ibsetti "Baratoonni mata duree isaanii kenname irratti biratti argamuun deeggaruu qaba" jechuun ibsee jira.
- Yaada onnachiisaa kennuun jajjabeessuu.
- Yaada barattootaaf kennu filachuutu irraa eegama.

B. Barataa

Baratoonni keeyyata barreessuu irratti rakkoo isaan muudatu keessaa muraasni yaada walitti fiduu dadhabuu, seerluga eeganii barreessuu fi sodaa fa'i. Inni biroo immoo daree barnootaa keessatti shaakala gahaa gochuu dhabuudha. Yaada kana cimsuuf Jonasson & Grabowsski (1993, f.120) akka jedhanitti bu'aan barachuu barattootaa dhiibbaa mala baratoonni isaa ittiin baratan jechuun yaada isaanii ka'anii jiru.

C. Meeshaalee deeggarsa barnootaa

Daree barnootaa keessatti baratoonni keeyyata barreessan yoo muuxannoo isaanii irratti hundaa'e ni salphata. Gochaaleen keeyyata barreessuu dandeettii barattootaa irratti yoo bu'uurreffate baay'ee gaarii jedhameti yaadama. Kitaabni barnoota afaan barsiisuu keessatti iddo olaanaa qaba. Akka Giraant (1987, f.56) jedhutti kitaabiileen barnootaa shaakaala keeyyata barreessuu barattootaa fedhii isaanii Kan kakaasuu fi erga hojjatanii booda hubannoo Kan kennu ta'uu qaba jechuun yaada isaanii kaaye jira. Gabaabumatti baratoonni jechoota, sirna tuqaaleefi seerluga akka fayyadaman taasisuuf gochaalee kana gadii raawwachuu qabu.

- ✓ Hamilee barattootaa kan kakaasuu fi jajjabeessu.
- ✓ Baratoonni fedhiifi yaada isaanii bilisaan akka ibsat kan taasisu ta'uu.
- ✓ Muuxannoo barattootaafi dandeettii afaan isaanii irraatti kan hunda'e.

- ✓ Daree barnootaa yookiin mana isaaniitti kan hojjetan barsiisaan kan soroorsuuf ta'uu

Qaba. Jechuun yaada kanaan olitti tarreeffame kana Spek, BenderW. (1998, f.89) barreeffama isaa keessatti kaahera. Kanarraa wanti hubatamuu qabu, barsiisoonni gochaalee dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfatan kan godhu mata duree barattoonni filatan irratti akka barsiisaan carraa irra deddeebi'anii barreessuu yoo kennameef gaarii ta'a jedhameeti yaadama.

2.1.14. Gahee barattootaa

Barattoonni dandeettii barreessuu gonfachuu keessaatti tattaaffii isaan godhan gahee olaanaa qaba. Atkiinsiifi warri biroo (1996, f.88) akka ibsanitti “writing skills should be practiced in class as well as at home jedhu. Akka yaada kanaatti barattoonni dandeettii barreessuu cimsachuudhaaf daree barnootaa keessaafi alatti shaakaluun barbaachisaa akka ta’edha. Sababni isaas, dandeettiin barreessuu cimsachuu kan danda’amu yeroo hunda barreessuu qofaan akka ta’edha. Akkasumas Eskedar (2014, f.2) dandeettii barreessuu fooyyessuuf shaakala wal irraa hin cinne taasisuufi tattaaffiin barattootaafi barsiisota irraa eegamus isa ijoo akka ta’edha. Haaluma wal fakkaatuun Mohammed (2015, f.48) akka jedhutti “The best way to learn any skill would be to practice it” dandeettii kamiyyuu gonfachuudhaaf barattoonni shaakala akka taasisan ibseera.

Kanamalees barattoonni kutaa barnootaa keessatti dandeettii barreessuu isaanii akka dagaagfataniif shaakalli adda addaa ni dhiyaata. Dandeettiin kun silumayyuu kan barattoonni ittiin of cimsaniidha. Yaada hayyoota adda addaa yemmuu walitti qabu gaheen barattootaa maal akka ta’uu qabu adda baaseera. Kanaafuu, yeroo barreessuu gaheen barattootaa kanneen akka barattoonni ariitiin waa barreessuu, yaada ijaaru, yaada isaanii seenessuu, barataafi barsiisaan yaada ijaran irratti xiyyeffachuu, barattoonni dhaggeeffataa isaa adda baafachuu, barattoonni dammaqinaan hirmaachuu, barattoonni waa’ee mataduree sanarratti hubannoo qabaachuufi barattoonni mata duree sana maaliif akka filatan ibsuudha .

2.1.15. Mala Keeyyata Barreessuu Barsiisuu

Keeyyata wayita barreessinu akka adeemsaafi galmaatti ilaaluu qabna. Akka Melakeneh Mengi stu. (1992, f.193) kitaaba isaa “Pre-College English” jedhu keessatti sadarkaaleen keeyyanni itti barreeffamu akka armaan gaditti kaa’ee jira.

2.1.15.1 Waan barreffamu adda baasuun beekuu

Barataan tokko akkataa ijaarsa keeyyataa barreffame tokkoo dubbiseeosoo hinhubatiin keeyyata qindoomina qabu barreessuu hindanda'u. Sababni isaa keeyyata dubbisuufi hiikkaa isaa hubachuun garaa gaara waan ta'eef. Kanamalees keeyyata addeessaa dubbisuudhaan ergaa isaa hubachuu fi og-barruu biroo dubbisuudhaan ergaa isaahubachuun dandeettii adda ad daa gaafata. Qabxiilee kana hubannoo keessa galchuudhaan waan barreffamuuf jedhu dursanii adda baasuun dubbisaafi barreessaan yaadaan akka walhubatan kan taasisuuf kaayyoo barreffamichaas galmaan gaha.

2.1.15.2. Waan barreffamu irratti odeeffanno funaanuu fi filachuun

Barreessaan tokko sammuu isaa keessatti yaadota adda addaa hedduuqabaatuyyuu hunda isaani i al tokkoon dhiyeessuu hindanda'u. Waanbarreessuu barbaade murteeffachuudhaan odeeffanno o biroo yaada isaagabbisuu qabaniin deeggaruu qaba. Kana rawwachuuf immoo yaadichiifaifi qabatamaa ta'uu qaba. Yaaduma tokko kallattii adda addatiinibsuu danda'uu qaba. Gumee qop heeffachuun, eessatti, yoom, eenyuufakka barreessan beekuun walumaagalatti, waan barreffam uuf jedhu karoorfachuun odeeffanno gahaa qabaachuuf gargaara.

Fakkeenyaaaf qophii gumeetiif haaldureen nu barbaachisan jiru. Duraa duubni qabxiilee gumee keessatti dhufuu qaban: mata duree filachuuhima ijoo barreessuu, qabxiilee hima ijoo gabbisan tarreessuu qabxiilee kanneen irra deebi'uun sadarkaan tarreessuu, keeyyata jalqabaa barreessuu, keeyyata dubbisuudhaan tokkummaa, walta'iinsaafi ijaarsa yaadichaa xiinxaluu, namatti agarsiisuu, irra deebi'uun sadarkaa xumuraaf keeyyaticha barreessuu dha.

2.1.15.3. Barreessuu eegaluu

Sadarkaan kun akka lafeetti foon uffisutti fudhatama. Qabxiileen lamaan armaan olii siritti rawwatamaan, barreessuun isaa ni milkaa'a. Keeyyaticha bareechuuf immoo walqabsiistota, sirna tuqaalee fi seerlugaatti siritti fayyadamuun murteessadha.

2.2. Sakatta'insa Qorannoo Walfakkii

Matadure kana jalatti xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa waliin kan walfakkatu sakatta'uun ka'ameera. Haaluma kanaan mata dureen qorannoo kanaan wal fakkaatanis, Masarat Zawudee(2008), Yohaanniis Malasaa(2008), Toleeraa Tasammaa Kaasaa (2008), Balaay Xuruu Dabaloo (2008) ti.

Masarat Zawudee (2008). "Hanqina Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Irratti Barattooni Akka Afaan Lammaffaatti Baratan Qaban: Bulchiinsa Magaala Jimmaatti Mana Marumsa Sadarkaa Lammaffaa Abbaa Bunaafi Saxoo Samaroo Xiyyeeffachuu." Argannoo ishee keessaa murasa isaa akka fakkeenyati: Barattooni Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratan barreessuu keessatti baay'ina dogoggorti mul'ate sirna tuqaalee iddo hin barbaachifnetti galchuu, jechoonni bakka jabaachuu qabanitti jecha laafaa taasisuu bakka jecha sagalee laafaa ta'etti jabeessuun ni mul'ata.

Kanamalees, iddo jichi dheerachuu qabutti gabaabsuufi bakka gabaabbachuu qabutti dheeressuun waan barreessan keessatti baay'inaan argame. Jechuun keessetti. Qorannoo kana kan qorannoo qorattuu wajjiin wal isaan fakkeessu dandeettii barreessuu afaan oromoo barattooni qabani irratti hojjetamudha. Yohaanniis Malasaa (2008) "Qaaccessa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota bulchiinsa magaala Adaamaa mana barumsaa qophaa'inaa gooroo Yuunivarsiitii Saayinsiifi teknolojii Adaamaatti hojjetamedha. Akka fakkeenyatti argannoo isaa keessaa kan qorattuun fudhatte barattooni mana barumsaa qopha'inaa gooroo rakkoo yaada isaanii qindeessanii barreessuu dhabuu.

Qaamota keeyyataa jechuun hima ijoo, callaafi gudunfaa addaa baafachuu dhabuu, keeyyata qindoomina qabu barreessuuf tokkummaa, gahumsa, walta'insaa fi xiyyeeffanna qabaachu akka qabu adda baafachu dhabu fa'a. Qorannoo Kan qorannoo qorattuun hojjette waliin kan walfakteessuu lamanuu dandeettii keeyyata barreessuu barattoota irratti xiyyeeffachuu isati. Adda addummaan qorannoo kanaa dareefi bakka irratti hojjetamudha. Akkasumas qorannoo Yohaannis madaallii kitaaba kutaa 11ffaafi 12ffaa irratti kan xiyyeefatudha. Akkasumas Toleeraa Tasammaa Kaasaa (2008) "Ogummaa Barreessuu Gabbifachuu Keessati Rakkolee Barattoota Kutaa 9ffaa Mudatan Adda Baasuu: Haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaatti hojjetame. Kaayyoon qorannichaa, rakkowwan ogummaa barreessuu gabbifachuu keessatti barattoota kutaa 9ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaa mudatan adda baasuudhafi

Balaay Xuruu Dabaloo (2008) "Madda Rakkoo Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu Barattoota Godina Jimmaa Aanaa Xiroo Afataa Mana Barumsaa Diimtuu Sad.2ffaa Kutaa 9ffaarratti Xiyyeeffate". Argannoo kun kitaabni barnoota afaan oromoo kutaa 10ffaa akka barattooni kutaa kudhaanaffaa keeyyata qindoomina qabu barreessuu akka gonfataniif haa

kaahu malee barreffama barattootaa irraa akka hubatamutti barattoonni kun keeyyata qindoomina qabu barreessuu irratti hanqina kan qaban ta'uutu mul'ata, barsiisoonni kutaa 10ffaa barsiisan akka shaakala kitaabni barattoota barattoonni dandeetii keeyyata barreessuu gabbifataniif kaahe osoo irraa deddeebiin shaakalsiisan dandeetii barreessuu gonfachiisani gaarii ta'a. Walfakkeenyi mata dure qorattuu fana dandeetii barreessuu irratti. Garaa garummaan isaa qorannoon kan hojjetame barreessuu hunda irratti kan qorattuu kanaa garuu dandeetii keeyyata barreessuu irratti.

2.3. Haala Dhiheenyaa Barreessuu

2.3.1. Haala dhiheenyaa adeemsaa

Haalli dhiheenyaa kun akkuma maqaa isaa barreessuun kan adeemsa keessa darbu ta'uun mul'isa. Khaled Besher Albesher (2012, f.33), qorannoo isaa keessatti akka armaan gadiitti ibsuuf yaaleera.

Recent approaches to writing have focused on the process rather than the end product of writing (Kelly & Graham, 1998; Nunan, 1989; Leki, 1991). The process approach was introduced in the mid-1960s. According to Rohman, in this approach the writing is classified into three stages: 1) the pre-writing stage, that includes tasks that take place before writing; 2) the drafting and writing stage; 3) the re-writing stage, in which attention is paid to any grammatical, punctuation or spelling mistakes (Rohman, 1965).

Akkuma yaada armaan olii irraa hubannutti haalli dhiheenyaa adeemsa kan walakkeessa (1960) keessa eegalame, sadarkaa saditti qoqqoodama: sadarkaa barreessuu duraa, sadarkaa wixinee fi sadarkaa irra deebi'anii barreessuu akka qabu hayyoota kanneen olii waabeffachuun ibsee jira.

Yaada armaan olitti ibsame kana irraa akka hubatamuutti barreessuun adeemsa mataasaa kan qabu ta'uun isaati. Haaluma kanaan haalli dhiheenyaa adeemsaa akkaataa armaan gadiitiin ilaalamuu danda'a.

1.1.3.1. Haala Dhiheenyaa Too'atamaan Barreessuu

Too'annoonaan barreessuun kan xiyyeffatu baayinaan too'annoonaan barsiisaan kan gaggeeffamuudha. Barreffamni gaggeeffamu bifa haaraadhaan waan gaggeeffamuuf barattoonni hedduun carraa dogogtoruu hinuman. Barattoonni shaakala kana akka horataniif

mala kanatti gargaaramuuun qajeelfama ifa ta'e kunnuun gargaaruun barbaachisaadha. Kana ilaachisee Raimes (1983, f. 95) irratti akkas jedha “barreffama barattonni kee barreessan hundi goса haala too'annoон barreessan yoo ta'e qabiyyee fi unkaa irratti gargaarsi godhamuufii qaba.” Kun kan agarsiisu malli barreessuu to'atamaa kun akka itti fayyadaman jajjabeessa.

1.1.3.2. Haala Dhiheenya Qajeelfamaan Barreessuu

Haalli dhiheenyaа kun barattootaaf hanga tokko kan carraa kennuudha. Kunis Barsiisotaan qajeelfama. Barattootaaf fakkeenyi erga laatamee booda sanarratti hundaa'anii akka barreessan kan taasifamuudha. Malli kun dogoggora irraa walaba hin ta'u. Barsiisaan garuu duukaa bu'ee hordofuu qaba.

1.1.3.3. Walabaan Barreessuu

Gosti shaakala dandeettii barreessuu kun barattoonni guutummaa guutuutti bilisa ta'anii akka barreessan kan gargaaruudha. Akka Hedge (1983, f.11) ibsetti dandeettiin barreessuu kun kan Haalli gamu erga barattoonni cimanii shaakalanii boodadha. Kana jechuun barattoonni dandeettii walabaan barreessuu gonfachuuf dandeettii walirraaa hincinne gochuu akka qaban hubanna. Kanamalees Raime (1983, f.103) akkas jedha: “Barattoonni hojii barreessuu osoo hin jalqabin yaada sammuu isaanii keessa jiru cimsachuuf gareen mari'achuu qabu.” Jedha. Akkasumas, “barreffamni gareen shaakalamu fakkeenyä hojii barreffama sirriiti,” yaada jedhu itti dabala. Yaanni Kun kan agarsiisu marii gareen taasifamu dandeettii kana akka cimsu agarsiisa.

2.3.1.2. Haala dhiheenyaа bu'aa

Akka haala dhiheenyaа kanaatti namni waa barreessu tokko dursee bu'aa isaa lafa keewwachuun gara barreessuutti deema. Akka Khaled Besher Albesher (2012) keessatti Young (1978) wabeeffachuun kaa'etti “defined the product or traditional approach to writing as ‘the emphasis on the composed product rather than the composing process; the analysis of discourse into words, sentences, and paragraphs; the strong concern with usage (syntax, spelling, punctuation) and with style (economy, clarity, emphasis); and so on’...”

Akka isaan ibsanitti haalli dhiheenya bu'aa kun kan durii ta'ee adeemsa caalaa bu'aa barreessuu irratti kan bu'uureffateedha. Xiinxalli isaas jechoota, himoota, keeyyattoota, xiyyeffannoон isaa inni guddaan xiinhima, qubeessuu, sirnatuqaalee irratti. Akka

Haregelueyin (2008,f.59) ibsetti barreeffama barattooni qopheessaan xumura barreeffamichaa irratti kan madalamu ta'ee barattooni barreeffama qopheessan afaan dhalootan fayyadamuu akka hin danda'amnedha. Kanas dhimma adeemsa barreeffama osoo hin ta'iin sirrummaa barreeffamichaa irratti kan xiyyeefatedha. Mohammed (2015,f.43)

Haaluma walfaakkatuun Suleiman (2011,f.5) adeemsi barreessuu bu'a sirruumaa barreeffamicha irratti kan xiyyeefatu ta'ee fayyadama qabee seerlugaafi itti fayyadama hiika jechootaa dhimma ilaataludha.Dabalatanis haalii dhiyeenya bu'aa dhuma irratti wanti barreeffamicha irraa eegamuu kanneen akka seerluga, siritti tuqaleeffamuu,qubeeffamuu ,haala itti fayyadama hiika jechootaa,walqabatiinsa yaada odeeffannoo barreeffamichafi mata durichaa,qabiyyeen barreeffamicha haala ifaa ta'een ijaaramuu isaa kan ilaallatu akka ta'e ibsee jira.

Yaada armaan olii irraa wanti hubatamuu danda'uu adeemsa barreessuu keessaa haallii dhiheenya bu'aa mala warra durii ta'ee akkaataa (modela) barreeffama tokkoo fudhachuun afaan barumsaattin kan barreeffamudha. Kana waliin walqabatee kaayyoon isaa inni guddaan barreeffama barattooni qopheessan keessatti dogoggora irraa walaba akka qabutti. Walumagalaatti qorannoон kun xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti waan xiyyeefatuuf yaaxxinni kun qorannoо kana waliin walitti dhufeenya qaba. Sabaabiin isaas keeyyanni adeemsa olitti ibsame keessa darbuun bu'aa argame irratti waan xiyyeefatuuf.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kanaa haala waliigala qorannichi keessa darbuufi maali irratti akka xiyyeffatu kan ibsudha. Haaluma kanaan qorannoон kunis akaakuu qorannoo jiran keessaa qorannoo ibsaadha. Innis qorannoo mala akkamtaa fi hammamtaa fayyadamuun kan raawwatamu ta'uusaati. Sababni ani mala kana filadheefis kaayyoон qorannichaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa Mana Barumsaa Dedoo Sadarkaa 2ffaa xiinxaluun sababa dandeettii barreessuu isaanii irratti rakkoo ta'an adda baasuuf waan ta'eef.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannichaa barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa lammaffaa baratan ta'a. Baay'inni irraawwatama dhiirota 416, dubarattoota 426 waliigala barattoota 842. Barattoota kana keessaa dhiirota 41(4.8%) fi dubarattoota 43(5.1%) Kan ta'aniidha. Kanaafuu, baay'inni barattoota gaafatamuу qabani(samudaa) barattoota iddattoo filatamanii 84 irrattifi barsiisoota 2(100%)fi I/G/Muummee 1(100%) yoo ta'u walumagalatti iddattoo 87 irraa ragaan funnanamuun qorannoون kun gaggeeffamera. Iddattoo tokkoo tokkoo mana barnoota barattoota keessaa kutaa 10ffaa daree 14ffaa keessatti argamanii hunda shallagameeti.

3.3. Madda ragaalee

Qorannoo tokko gaggeessuuf maddi ragaa iddoо olaanaa qaba. Qorattuu kanaafis maddaa ragaa ta'uу kan danda'an qormaata barreffamaan barattootaaf kennuun, akkasumas shaakala keeyyata barreessuu barattootaaf kennuun xiinxaluudha. Kana malees barsiisota Mana Barumsaa Dedoo Sadarkaa 2ffaa keessaa kan kutaa 10ffaa barsiisaan irraa odeeffannoo walitti qabachuun xiinxalameera. Kanaafuu madda ragaa tokkoffaa kan ta'e barreffama barattoota, akkasumas shaakala keeyyata barreessuu barattootaaf kennuun kan xiinxalameedha. Akka madda ragaa 2ffaatti barsiitoota mana barumsaa Dedoo Sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa Afaan Oromoo barsiisanidha.

3.4. Iddattoo fi mala iddatteessuu

Qorattuu tooftaa hammamtaas ta'e akkamtaatti gargaaramtee odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hin oolu. Kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa

waan ta'eef, iddattoo filataman irraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo ishee qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun ni danda'ama. Addunya (2011, f.65). Dabalataanis Filee (2019, f.66) Iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa wantoota yookaan namoota ragaa kennuu danda'an yookaan ragaaleen irraa argaman filachuudha jechuun ibsa. Haaluma kanaan barattoota kutaa kudhanaffaa barachaa jiran hundarrraa oddeeffannoo funaunuun ulfaataa waan ta'eef barattoota jiran keessaa 10% (84) irraa qorattuun kun odeeffannoo fudhachuun xiinxalteeti. Malli iddattoo itti gargaaramtes mala iddattoo carraati. Mala iddattoo carraa keessaa kan qorattuun qorannoos ishee ittiin gaggeessite iddatteessuu carraa sirnaawaati. Kunis kan filatame odeeffannoo qabatamaa ta'e walitti qabachuuf waan gargaaruuf.

Yaada kana Addunya (2011, f.66) yommuu ibsu. Iddatteessuun sirnaawaa akaakuu iddattoo carraa ta'ee akaakuu iddattoo carraa kaan irraa adda isaa godhu akkaataa carraa isaa sirnaan taasisuu isaati. Fakkenyaaf yoo barattoota daree tokko keessaa carraa sirnaawaan iddattoo filachuun barbaanne, akkaataa teessuma yookiin maqaa isaanii itti barreffame ilaaluun barattoota jiran keessaa nama afur, afurirra utaalaa filachuun dandeenya. Kanaafuu akkaataa teessuma yookiin galmees jaraatti 1, 5, 9, 14, 19, jechaa deemuun iddattoo filachuudha jedha. Kana irratti hundaa'uun qorattuunis mala kana filachuun barattoota kutaa 10ffaa A hanga 10ffaa M jiran haala kanaan iddatteessuun odeeffannoo walitti qabachuun xiinxaltee dhiyeessiteetti.

3.5. Meeshaalee funaansa ragaalee

Qorattuun kun karaalee qorannoos isheetiif odeeffannoo walitti qabattu barreffama barattootaa, af-gaaffii, bar-gaaffifi daawwanna ta'a. Malli qorannoos kanaas mala hammamtaafi akkamtaatti kan gargaaramtu yoo ta'u kanaas haftee qormaata barattootaaf barreffamaan kennamaa ture akkasumas shaakala keeyyata barreessuu barattootaaf kennuun xiinxaluun dhiyeessiteetti.

3.5.1. Barreffama Barattootaa

Barreffamni barattootaaas meeshaalee odeeffannoos ittiin funaanamu keessaa isa ijoofi barbaachisaa ta'edha. Kanaafuu odeeffannoo afgaaffii, bargaaffifi daawwannaan odeeffannoo funaunuun cinaattis shaakala kitaabni barattoota waa'ee dandeetii keeyyata barreessuu irratti kaa'e barattoota barreessisuun xinxalamuun dhiyaateera.

3.5.1.1. Qormaata Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kennu

Qorattuun mala kana yommuu filattu barattootni dogoggora akkamii dandeettii keeyyata barreessuu irratti qaban odeeffannoo argachuuf dhimma itti baateetti. Qormaanni kallattiin barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu qaban agarsiisa. Waan ta'efis qabatamaan eessatti maal irratti akka dogoggoran agarsiisuu ni danda'a jedhameeti. Kana malees, odeeffannoo afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaan funaaname keessatti ifa ta'uu kan hin dandeenye qormaata keeyyata barreessuu mata duree adda addaa barattootaaf kennuun akka barreessan godhameera.

3.5.2. Af- gaaffii

Afgaaffiin akaakuu odeeffannoon itti walitti qabamu keessaa isa tokko ta'ee, Kan odeeffanno kennitootaa fi qorattuun fuulleetti wal arganii odeeffannoo walii kennaniidha. Yaaduma kana ilaachisee Yaadasaa (2018, f.101) irratti, “Afgaaffii jechuun dhimma murtaa'e tokko irratti ragaa fi odeeffanno argachuuf jecha gaaffiifi deebii nama dhuunfaa ykn namoota muraasa waliin godhamudha.” Jedha.

Odeeffanno afgaaffiidhaan walitti qabamu irra caalaa gaarii kan taasisu qorattuun gaaffii ishee ifa gootee akka ibsituuuf odeeffanno kennaan gaafachuu isheeti. Gosoota af gaaffii dhiyaatanis af gaaffii caaseffamaadha. Sababni af gaaffii caaseffamaa filatameefis odeeffanno kennitootni bilisa ta'anii sodaa tokko malee raga barbaadamu akka kennanif yaadameti. Filee (2019, f.72) “kaayyoon af gaaffii caaseffama kunis odeeffanno bar-gaaffii daawwannaafi mari garedhaan walitti qabaman mirkanoeffachuuf akkasumaas deebiwwaan daawwannoofi mari garee keessatti hin deebinee deebisuuf ykn qaawwa jiru duchudhaaf faayidaa gudda qaba.” jedhe ibsa.

Haaluma kanaan qorattuun kunis gaaffilee barsiisota Afaan Oromoo barsiisanifi I/G/Muummee iddattooy miti carraadhaan filataman irraa gaaffilee afaanii dhiyeessuun karaalee odeeffanno itti walitti qabatheedha. Akkasumas af-gaaffiin iddattooy barsiisoota afaan oromoo lamaa (2) fi I/G/Muummee Afaan oromoof dhiyaatee jira. Ragaan af-gaaffiin odeeffattoota (iddattoowwan) argame fuula fulattii godhamee jira. Tokko tokkoon odeeffattoota waliin af-gaaffii gaggeeffame daqiqaa diigdamii shanii hanga soddomaatti fudhateera. I/G/Muummee tokkofi barsiisaa Afaan Oromoo lama (2) akka madda ragaatti tajaajiilanif afgaaffiin gaaffii sagal (9) dhiyaate ragaan funaanameera.

3.5.3. Bar- gaaffii

Bargaaffiin odeeffanno kennitoota irraa ragalee hedduu funaanuuf gargaara. Bar-gaaffiin yeroo baay'ee mirkaneessa waan lafa irra jiruu sana xinxaluuf kan gargaaru ta'ee amalootaa fi baay'ina namoota akkasumas qor-qalbii namaa hir'isuufidha. Qorattunis akkaataa qorannoo isheetiif ta'utti bar-gaaffii akka meeshaatti odeeffannoo ittin walitti qabachuuf kan filatte yoo ta'u, gosoota bargaaffii banaafi cufaa gargaaramuun barattoota iddattoon filatamaniif gaaffiilee Bargaaffii cufaa (22)fi banaa (5)n barattootaaf kan raabsame yoo ta'u, bargaaffii cufaa hunda haala walfakkaatuun deebisuuf yaalaniiru.

Akkasumas bargaaffii banaa gaaffiilee shan (5) dhiyaatan keessaa yaada baay'ee wal irraa hinfaganne deebisanii jiru. Dabalee (C). Walumaagalatti qorannoo kana gaggeessuuf gaaffiilee barreffama iddattoo barattoota filatamaniif raabsamee kallattiifi madda dogoggora, akkasumas naannoo itti dogoggoran irratti yaada barattooni qaban xiinxaluun danda'ameera. Kana malees, yaada barattootaa kana daawwannaaddeebi'uu hin dandeenyefi afgaaffii barsiisotaarraa osoo hin deebi'iin hafe asitti deebii argachuun danda'ameera

3.5.4. Daawwannaan

Daawwannaan mala odeeffannoonttu itti funaanamu keessaa tokko ta'eefi karaa gocha tokko ittiin daawwachuuun yookiin dhaggeeffachuun odeeffannoonttu funaanamudha. Kanaafuu afgaaffii, bargaaffiifi barreffama barattootan odeeffannoo funaanuutti dabalee daawwannaad daree gaggeessuun akka qorattun gochoota waa'ee keeyyata barreessuu irratti daree keessatti raawwataman ilaaluun karaa itti odeeffannoonttu walitti qabattudha. Yaaduma kana ilaachise Filee (2016: f, 79) akka jedhutti "daree barnootaa barnoonni itti kennamaa jiru keessatti argamanii ijaan arganiifi gurraan dhagahanii mala odeeffannoonttu funaannatanidha" jedha. Haaluma kanaan qorattunis yommuu qorannicha gaggeessitu checklistii barbaachisaa ta'eetti gargaaramuun dareewwan mala iddatteessuu carraatiin filataman mara irraa odeeffannoonttu funaannachuuuf gargaarerera. Daawwannaan gaggeeffame kaayyoo qorannoo kanaa qabxii tokkoffaa hanga salgaffaa jiran galmaan gahuuf kan fayyade yoo ta'u, ragaan yeroo daawwannaatti argame waraqaadhaan galmeefameera. Daawwannaan kana keessatti qorattun wanti daawwatte barattooni dandeettii keeyyataa barreessuu baratan daree barnootaa keessatti barnoota isaanii akkamitti akka hordofan, daawwannaan kana keessatti qorattun wanti daawwatte barattooni dandeettii keeyyataa barreessuu baratan daree barnootaa keessatti

barnoota isaanii akkamitti akka hordoofan ilaaluudhani, akkaataan itti iddatteeffames, sababa barsiisoonni sadii dareewwan walitti aanan 3 waan galaniif, dareewwan jalqabaa sadan qofaaf (10A, 10Bfi 10C) qofaaf carraa buusnan daree 10C bahe.

Kanaafuu, haaluma kanaan dareewwan sadii kana barsiisoota gara garaan barsiisaan sadii adda baasuun hojiitti galame. Dareewwan kunniinis, 10C, 10F, 10I, 10Lfi 10N yoo ta'an, dareewwan kunniin barsiisoota gara garaatiin kan barsiifamaniidha. (Dabalee D). Filannoowwan cheekliisticharratti fayyadanis, “Eeyyee/ Lakkii” kan jedhaniidha. Akkasumas barsiisaan barattoota kanniinif xiyyeffannoo akkami akka kennu hubatte jirtii.

3.6. Mala xiinxala ragaalee

Qorannichi xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa xiinxaluu irratti waan xiyyeffatuuf, qorannoon kun odeeffanno barattoota dhiiroota 41fi durbartoota 43 ida'ama 84 barsiisaan afaan oromoo barsiisaan dhiiroota 2 fi durb 0; ida'ama 2 fi itti gaafatamaa muummee afaan oromoo dhiira 1 walumagalatti namoota 87 karaalee barreffama barattoota, afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaan funaanaman mala hammamtaafi akkamtaan xiinxalameera.

Haaluma kanaan barattootaafi barsiisonnii deebii sirriidha jedhan kennuun odeeffanno funaannameera. Odeeffanno haala kanaan funaaname kanas haala itti aanu kanaan xiinxalameera. Jalqaba irratti deebiiwwan barattootaa karaa bargaaffiitiin funaaname, cuunfamee ta'eera. Odeeffannichis xiinxala mala akkamtaafi hammamtaa gargaaramuu hiikameera. Odeeffanno gaaffiilee bargaaffii banaafi cufaa barattoota irraa funaaname, bu'aa mala akkamtaa fi hammamtaan ibsame deeggaruuf, mala akkamtaan xiinxalaameera. Odeeffanno afgaaffii barsiisota lamaafi itti gaafatamaa muummee irraa argames haaluma deebistoonni kennaniin, mala akkamtaan xiinxalaamuun ibsameera. Kunis, yaada bargaaffiilefi daawwannaar daree cimsuufi yaada dabalataas, ittiin qulqulleeffachuu tajaajileera. Akkasumas Cheeklistii daawwannaar daree ilaachisee, itti fayyadama shaakala dandeettii keeyyata barreessuu daree keessatti godhameen cheekliistii eyyee/ lakkii jechuun qophaa'erratti galmaa'eera.

Dabalataan qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf kenname immoo qabxiilee of keessatti hammatu qub guddeessaafi sirna tuqaalee, amaloota keeyyata gaarii, caasaafi qindoomina

keeyyataa, akkasumas seer-lugafi himoota tartiibessuuun barreessuu, walqabsiistootaatti fayyadamuufi gumee qopheessuun keeyyata barreessuu isaanii barreessisuun xiinxaluun danda'ameera. Xumura irratti, argannoowwan irratti hundaa'uun cuunfaafi yaanni furmaataa kaa'ameera. Walumaagalatti boqonnaa kana jalatti, saxaxa qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, mala xiinxala ragaalee ibsamuuf yaalameera.

BOQONNAA AFUR : XIINXALA RAGAALEE

4.1. Ibsa Ragaa Deebii Kennitootaa

Mataduree kana jalatti haala odeeaffannoo karaa baroeffama barattootaa, af- gaaffii, bar gaaffifi daawwanna daree ragaa kannen jiran walitti qabuun dhiyeessuuf kaahameera. Deebii kennitoota yoo fudhannee ilaalle barattoota mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa , barsiisootaa afaan oromoo barsiisanifi itti gaafatamaa muummee yoo ta'an barattota dhiiroota 41(4.8%)fi dubartoota 43(5.1%) ida'ama 84fi barsiisoota dhiiroota 2 (100%) fi I/G muummee 1(100%) walumagalaatti namoota 87 irraa ragaaleen meeshaalee armaan olitti ibsameen funaname haala armaan gadiitiin xiinxalamee jira.

4.1.1. Haala Saala Deebii Kennitootaa

Haaluma gabatee 1: Armaan gadii irratti ibsameetti deebii kennitoota waliigalatti saala isaaniitiin yoo ilaallee barattoota dhiiroota 41 (47.12%) yoo ta'an dubartoota 43 (49.42%) dha. Karaa biraatiin barsiisoota dhiiroota 2 (2.29%) yoo ta'anfi I/G Muummee immoo dhiira 1(1.14%) dha. Ragaa kana irraa waan hubatamu lakkofsi deebii kennitootaa barattooni dubartootaa lakkofsan barattoota dhiiroota caaleti argamee jira.

Gabatee 1: Odeeaffannoo Saala Deebii Kennitootaa

1.1 Saala	Namoota odeeaffannoo kennaan = 87					
	Dhir	%	Durb	%	Ida'ama	%
Barattoota	41	47.12	43	49.42	84	96.54
Barsiisoota	2	2.29	-	-	2	2.29
I/G Muummee	1	1.14	-	-	1	1.14
Ida'amaa	44	50.55	43	49.42	87	99.97

Madda: Xiinxala Ragaa Funaaname

4.1.2. Ibsa Umrii Deebii Kennitootaa

Akkuma gabaatee 2: Armaan gadii irratti ibsameetti deebii kennitoota umrii isaaniitiin yoo ilaalle umrii waggaa 13 hanga 16 kan jiran keessaa dhiiroota 6(6.9%) fi dubartoota 16 (18.3%) yoo ta'an waggaa 17 hanga 19 immoo dhiiroota 27(31%) fi dubartoota 20 (23%) , akkasumaas umrii 20 oliif dhiiroota 8 (9%) fi durbartoota 7(8%) Kana irraa waanti hubatamu irraa caalaan deebii kennitootaa umrii dargaggummaa keessa ta'u isaati. Dabalataan barsiisoota umriin isaanii waggaa 30 hanga 34 ta'e dhiira 1(1.14%) fi dubartoota 0 kan ta'eefi waggaa 35 olii dhiira 2(2.29%) fi dubara 0 ta'a. Sababiin isaas lakkofsi deebii kennitootaa harki caalu barattoota ta'uu isaanii mul'isa.

Gabatee 2: Odeeffannoo Umrii Deebii Kennitootaa

1.2.Umrii		Namoota odeeffannoo kennaan = 87					
		Dhir	%	Durb	%	Ida'ama	%
13-16	Barataa	6	6.9	16	18.3	22	25.2
17-19		27	31	20	23	47	54
20 oli		8	9	7	8	15	17
30-34	Barsiisaa	1	1.14	-	-	1	1.14
35 oli		2	2.29	-	-	2	2.29
Ida'ama		44		43		87	99.63

Madda: Xiinxala Ragaa Funaaname

4.1.3.Ibsa Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa

Akkuma gabaatee 3. Armaan gadii irratti ibsameetti deebii kennitoota yoo sadarkaa barumsa isaaniitiin ilaalle barsiisaa digirii jalqaaba 1(1.14%) fi maastersii 2 (2.29) agarsiisa. Kana irraa waanti hubatamu deebii kennitooni sadarkaan barumsa isaanii irraa caalaan digirii 2ffaa ta'u isaa hubatama.

Gabatee 3: Odeeffannoo Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa

1.3. Sadarkaa Barumsaa	Namoota odeeffannoo kennaan = 87
-------------------------------	---

		Dhiir	%	Durb	%	Ida'ama	%
Barsiisa	Dippilomaa	-	-	-	-	-	-
	Digirii	1	1.14	-	-	1.14	1.14
	(MA)Mastersii	2	2.29	-	-	2.29	2.29
Ida'ama		3	3.43	-	-	3	3.43

Madda: Xiinxala Ragaa Funaaname

4.2. Xiinxala Qormaata Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kenname

Barnoota afaan oromoo keessatti barattoonni dandeettii afaanii gurguddoo arfan dubbachuu dhaggeeffachuu, barreessuu fi dubbisuu akka isaan gonfatan kan godhuu dha. Kanaafuu, dandeettii keeyyata barreessuu isaanii barattoonni akka cimsataniif shaakalli adda addaa kitaaba barataa irratti dhiyaate jira. Akkataa kitaaba barattoota irratti dhiyaateen qorattuunis dabaree, dabareen barattoota keeyyata barreessisuun xiinxalteetti. Kana haala armaan gadiin tokko tokkoon xiinxaluun dhiyeessiteetti.

4.2.1. Qormaata Keeyyata Barreessuu Marsaa 1ffaa Barattootaaf Kenname

Gabatee 4: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 1ffaa barattootaaf kenname

Lakk	Gaaffii marsaa 1ffaa kenname	Bakka itti dogoggora uuman	Baayina barattoota	
			Lakk	%
1	Mataduree barmaatiilee barnoota shamarranii irratti dhiibbaa fidan irratti keeyyata tokko barreessi.	A	35	41.66
		B	20	23.8
		C	16	19.04
		D	13	15.47

Ibsa A=Dogoggora qub-guddeessaa fi sirna tuqaalee **B**= Irraa caalaa dogoogorri isaanii sirna tuqaalee **C**= Qub-guddeessaa **D**= Warreen sirritti barreessan

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamuutti, Qormaata keeyyata barreessuu marsaa1ffaa barattootaaf kenname keessatti qabxileen ilaalamen sirna tuqaaleefi qub-guddeessaatti siritti fayyadamuufi fayyadamu dhiisuu isaanii xiinxaluuf Mata-duree “barmaatiilee barnoota shamarranii irratti dhiibbaa fidan,” jedhuu irratti keeyyata tokko barreessi. Kan jedhuu kenuun qorattuun kunis bakka isaan itti dogoggora uuman akka armaan gaditti xiinxaluun dhiyaateera. Barattooni 35(41.66) barreffama marsaa 1ffaa kenname keessatti sirna tuqaaleefi qub-guddeessatti siritti fayyadamuun keeyyata barreessi kan jedhu keessatti dogoggorri isaan uuman jalqaba himaattis bakka hin barbaachifnetti qabee guddaa fayyadamuutu mul’ata.

Kanamalees barreffama isaanii keessatti sirna tuqaalee osoo hin fayyadamiin keeyyata akka hima tokkotti walitti fufanii barreessuu isaaniitu sirriitti mul’ata. Marsaa jalqabaa kanuma keessatti barattooni 20 (23.8) wayita barreffama isaanii barreessan qub-guddeessa irratti dogoggora xiqqootu mul’ata. Irra caalaan dogoggorri kan mul’atu, sirna tuqaaleetti sirriitti fayyadamu dhabuudha. Bakki isaan itti dogoggoraniis bakka tuq lameen galutti qoodduu fayyaadamu iddo qoodduun galuttis tuqaa galchuun bakka mallatoon waraabbii galuu hin qabneetti mallattoo waraabbii galchuun barreessuun barreffama isaanii keessatti dogoggora kanneen olitti tuqamantu mul’ata. Barreffama marsaa 1ffaa kanuma keessatti barattooni 16 (19.04) irra caalaan barreffama isaanii keessatti hanqinni mul’ate, qub guddeessatti sirriitti fayyadamu dhabuudha. Akka qorattuun barreffama isaanii xiinxaltetti ilaaltetti bakka hundattuu qabee guddaa fayyadamuutu mul’ata. Kanmalees barreffamni barattoota 13 (15.47) hanga tokko warreen kaan irra siritti barreessanidha. Kana yommuu jedhamu guutummaa guututti siriidha jechuu osoo hin taanee dogoggorri isaan uuman warreen kaan irra siritti barreessuu qabaachuu isaa agarsiisa. Barreffama marsaa 1ffaa keessatti qorattuun kan isheen hubatte sirna tuqaaleefi qub-guddeessa fayyadamanii barreessuu irratti hanqinni jiraachuu hubatteetti. Fakkeenyaaaf

Dubartorati:-Barmaatiilee midha Fidan. Jedhame baekamu.UlFahin Barbachisne. kitau. Dirqidha.Gudeduu. dhiibbaan kuun.Barmaatiilee midha Fidan. Jedhamu.kan akka .ilkaan tumachu. Huba qonqo muruu. Yero male.Herumu.ulFa hin barbachisne.yero daumsatuti.midha Qamasalu isi ratiighu.Kanafu kanaru oFbararuu qabdi. Dirqidhan.Gudedu immoo

Namichi.Gudeedu sun Echu ibii Qabachu waandanda'uf. Midhadua.Eran ga'uu dan.da. Inibira kitanudha. Midhanisas Fedhi wolqunamti salaadhabsisa.ilkaan tumachu sibil namtokko Itti dhukubba.Qabchuu waan danda'uF.Gara nama biratti wan DarbbuF midha qaba.

Marsaa 2ffaa

Gabatee 5: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa barattootaaf kenname

Lakk	Gaaffii marsaa 2ffaa kenname	Bakka itti dogoggora uuman	Baayina barattoota	
			Lakk	%
2	Mataduree tokko filachuun amaloota keeyyata gaarii Tokkummaa, Walqabatiinsa fi Guutummaa irratti xiyyeffachuu keeyyata tokko barreessi.	A	22	26.19
		B	16	19.0
		C	32	38.07
		D	14	16.66
			84	99.92

Ibsa A= Amaloota keeyyata gaarii guutee hin barreffamne **B=** Hanga tokko guutummaa qaba **C=** Tokkummaa kan hin qabne **D=** Kan siritti barreessan

Xiinxala Qormaata keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa barattootaaf kennamee keessaatti qabxii qorattuun irratti xiyyeffatte xiinxalte keeyyata qindoomina qabu amaloota keeyyata gaarii guute barreessuu irratti rakkoon barattooni iddattoon filataman qaban maal fa'i? Kan jedhu xiinxaluudha. Qormaanni keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa irratti barattootaaf dhiyaate kunis Mataduree dhiyaate keessaai tokko filachuun amaloota keeyyata gaarii irratti xiyyeffachuu keeyyata tokko barreessi jedhu irratti akkaataa qabxiilee armaan olitti ibsame kanaan qormaata keeyyata barreessuu marsaa 2ffaatti kenname sororfame qorattuun bakka adda addaatti qoodde yommuu xiinxaltu barattoota iddatoo filataman keessaai kan barattoota 22 (26.19)

barreeffama isaanii keessatti amaloota keeyyata gaarii guutee kan hin barreeffamne ta'utu mul'ata.

Kana yommuu jennuu yaanni hima ijootiin eegalee gara hima gargaartuutti kan barreeffama sana deeggaruuf taa'an wal simannaa kan hin qabanne ta'uutu mul'ata. Kanamalees walqabatiinsa yaadaa kan hin qabne ta'uu isaati. Barreeffama isaanii keessatti keeyyanni isaan barreessaan walqabsiistota tokkollee kan hin fayyadamedha.

Akkasumas jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan, himoonni seeraan qindaa'anii hin barreeffamne. Barreeffama marsaa 2ffaa kanuma keessatti barattooni 16 (19.0) amaloota keeyyata gaarii keessaa hanga tokko guutummaa kan qabudha. Kan barattoota 32 (38.07) tokkummaa kan hin qabne ta'eetu mul'ata. Akkataa barreeffamni isaanii xiinxalameen yaanni himni ijoo qabateefi himoonni gargaartu fakkeenyaa deeggarame yaadicha cimsuuf hanga xumura keeyyata sanaatti kan hin deemnedha. Barreeffama marsaa 2ffaa kana keessatti barattooni 14(16.66) kan siritti barreessan. Isaanis keeyyata barreessan keessatti jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan akkasumas walqabsiistuutti fayyadamanii kan barreessanidha. Fakkeenyaaaf

Faayidaan Nageenyi. Qabuu kasuun. Barbachisadha. Inisii Nageenya male. Akki bahani garuun hindana.amu, Nageenyi hunde yudiinaati.yoonageeny hinjire. BarrFi barrsiisun hin jiru waanta. Ef. Nageenyi barbachisadha.

Inii biraa Nageenyi bu.uura waan hundaati.yoo naageenyi hinjire. Naamooni akka maleetti yochuadda adda waliti rawaatuudanda'u kunakka Gocha Ajecha Naageenyi Qabeenya.yoo naageenyi hinjire. Naagaa woll yaFachun.hindanda'amu yoo Naageenyi hinjire Balaa addaaddatu Nama qunama.

Yaada armaan olii kana irratti ibsame irraa qorattuu kan hubatte, barattooni iddattoof filataman kun amaloota keeyyata gaarii guutanii barreessuu irratti harki caalu rakkoo kan qaban ta'uutu mul'ata. Kanamalees barattooni kun barreessaa waan jedhamaniif waanuma yaada isaanitti dhufef kan naannoo isaanitti beekan barreessu malee, keeyyanni tokko eessaa ka'e eessatti immoo dhaabbata, duraa duuba himootaa, filannoo jechootaa, walqabsiistootaafi ciroowwaan eeganii barreessuu irratti rakkoon jiraachuu hubachuun xiinxaltee dhiyeessiteetti.

Marsaa 3ffaa

Gabatee 6: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 3ffaa barattootaaf kennname

Lakk	Gaaffii marsaa 3ffaa kennname	Bakka itti dogoggora uuman	Baayina barattoota	
			Lakk	%
3	Matadureewan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irrattis keeyyata tokko barreessi.	A	38	45.23
		B	31	36.9
		C	15	17.85
			84	99.98

Ibsa A= Ossoo gumee hin qopheessiin warra barreessaan B= Mataduree filatanii gumee qopheessuun barreessuuf warra yaalani C= Gumee qopheessuun kan barreessan

Xiinxala qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf marsaa sadaffaa mataduree dhiyaate keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irratti keeyyata tokko barreessaa kan jedhu ture. Barreeffama kana keessatti wanti ilaalamu barattooni hagam gumee qopheessuun keeyyata barreessuu kan jedhuu xiinxalama. Akka barreeffama barattootaaf kennname kana waan sororfamee irraa qorattuun yommuu ilaaltu barreeffama barattoota kana bakka saditti quodoun, kan gumee ossoo hin qopheessiin barreessan, kan gumee qopheessanii immoo akkaataa gumeen qophaa'e sun gara barreeffamaatti seenu irratti maaltuu mul'atafi barattoota gumee qopheessuun gara keeyyata barreessuu itti seenu isaanii fooyee qabaachuu isaanii xiinxaltee jirti.

Qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf marsaa sadaffaa kennname keessatti barattootaa 38 (45.23%) Mata-dureewan filachuun ossoo gumee hin qopheessiin gara barreeffamatti seenu isaaniitu mul'ata. Haaluma wal fakkaatu kanaan barattootni 31 (36.9%) mata-duree filatanii gumee qopheessuun barreessuuf yaalanis barattoota 5 ta'antu jalqaba keeyyata irratti yeroo barreessaan sarara xiqqaa kaahuun bakka hundattuu hima tokko tokkoof sarara xiqqaa fayyadamuun kan barreessan ta'uutu mul'ata.

Kanamalees barattoota kana keessaa barattooni 3 gumee qopheessuun wayita barreessan keeyyata barreessan keessatti walqabsiistoota yaada keeyyata isaanii faallessutti fayyadamanii barreessuutu mul'ata. Qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf marsaa sadaffaa kennname keessaa barattooni 15(17.85%) mata-duree filatanii gumee qopheessanii barreessuu keessatti kan siritti barreessanidha.

Warreen kunis guutummaa guututti sirriidha jechuu osoo hintaane barattoota kaan irra kan fooyee qaban ta'uutu xiinxalamee jira. Ibsa armaan olitti dhiyaate kanarraa qorattuun kan isheen hubatte barattooni gumee qopheessuun keeyyata barreessuu irratti dandeettiin isaanii gahaa akka hin taane hubattee jirti. FakkeenyaaF

HIV AIDS

HIV AIDS dhibee namarra namatti Dadarbu

karalee HIV AIDS ittin Daddarban

walqunnamtii Dang hin qabne

mesha qara qaban walin Fayyadamu

dhiisu nama dhibee kanaan qabame fudhachuu

tuttuqqitiin daddarbu ni danda,a

mata-dure keyyataa

HIV AIDS

HIV AIDS'n dhibee balakamaa namarra namatti daddarbuudha.

- inis karamee Adda Addaatiin namatti Daddarbuu danda,a
- FakkeenyaaF walqunnamtii saalaa dangaa hin qabaneen.
- meeshaalee qara qaban waliin Fayyadamuu Fa'iin
- dhiigaa nama dhiibee kanaan qabamee irraa Fudhachuun
- waluma galatti Dhibeen HIV AIDS dhibee Dawaa hin qabnee Fi lubbuu namoota hedduu galaafataa Jirudha.

Fakkeenyaaaf 2ffaa

Dhibee HIV AIDSii karaalee HIV AIDSii ittin daddarbu keessa inni ijoon saal-qunnamtti of eeganno hin qabne raawwachu.

Barmaatilee miidhaa Geessiisaan keessaa tokko HIV AIDSiidhaa yeroo ammaa jirenyaa dhala Namaa rakkoo keessa wantoota galchaa Jiraan keessa inni Guddaan HIV AIDSiidha Eedsiin dhukkuba Vaayirsii HIV Jedhamuun dhiga namaa Faalamee irraa gara isa nagaatti daddarbuudha HIV/Eedsiin dhukkuba daddaraa hanga Ammattii qorichi hi argamne fi kan qaama namaa dadhabsiisuudhaan daandeetti ittisa dhibee qaama dadhabsiisuuddhaa du'aaf namaa saaxiluudha. HIV AIDSii Baay'achuu dhala namaa waliin babalchuun dhibee AIDSii rakkoo hawaasummaa diinagdee siyaasaa fi xiinsammuu maattii fi hawaasaa irati uumun erga Jalqabe tureeraa magalaa hangaa baadiiyaatti biyyootaa keessaatti dhibeen kun babalaatee keessaa Itoophiyaan Ishee tokko.

Marsaa 4ffaa

Gabatee 7: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa barattootaaf kenname

Lakk		Bakka itti dogoggora uuman	Baayina barattoota	
			Lakk	%
4	Mataduree “sababoota dhibee garaa kaasaa” jedhurratti keeyyata tokko barreessi. Keeyyata kee keessaas hima ijoo, hima caallaa fi hima goolabaa addaan baasuun barreessi.	A	33	39.28
		B	27	32.14
		C	24	28.57
			84	99.99

Ibsa A= hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa osoo addaa hin basin barreessaan B= hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa wal jala dabarsuun barreessan C= hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa adda baasuun warra barressaan

Xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa arfaffaa kennname. Qormaata keeyyata barreessuu marsaa arfaffaa barattoota iddattoon filatamaniif kennname Mata-duree “sababoota dhibee garaa kaasaa” jedhurratti keeyyata tokko barreessuun hima ijoo, hima caallaafi hima goolaba addaan baasi jedhu keessatti akka qorattuun barreeffama isaanii soroorsitetti barattoota qormaata barreeffamaan fudhatan keessaa barattooni 33(39.28%) ta'an waan barreessaa jedhamaan dhiisanii hima ijoo, hima caallaafi hima goolabaa osoo hin barreessiin callisaanii jechoota walkeessa fuudhuun kan barreessanidha. Barreeffama marsaa kanuma keessatti barattooni 27(32.14%) hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa baasanii. Garuu akkaataa isaan itti basan dogoggora kan qabuudha. Himootuma barreeffama keessatti tarreessan hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa jechuun baasanii ka'an malee himoonni isaan tokko tokkoo isaaf kaa'an hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa hin agarsiisu.

Kanamalees qormaata marsaa arfaffaa barattootaaf kennname keessatti barattooni 24(28.57%) caasaa keeyyata hima ijoo,hima callaafi hima goolabaa barreeffama isaanii keessaa baasuun barreessuun hanga tokko warra kaan irra fooyee kan qaban yoo ta'u ,bakki isaan itti dogoggora uuman hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa wal jalaa fuudhanii barreessuutu mul'ata .yaaduma armaan olii irratti hunda'uun qorattuunis qormaata keeyyata barreessuu marsaa arfaffaa irratti kennname soroorfame irraa waanti hubatame barattooni kun caasaa keeyyata barreeffama keessaa baasuu irratti hanqinni jiraachuu xiinxaluun dhiyeessitetti.

Fakkeenyaaaf 1

” Dhibee Garaa kaasaan Garee dhukkubaa keessaa Isa tokko ta'ee kan Inni Nama Qabuu danda'us Bishaan Qulqullina hin qabne dhuguudhaan,nyaata Faalame nyaachuudhaan,harka Osoo hin dhiqatin nyaachuudhaan akkasumas Wantoota Fayyaa Qaama keenyaaf Barbaachisan Haalaan Fayyadamuu dhabuudhan kan Nama qabudha. “

FKN2. mata-duree” sababoota dhiibee garaa kaasaa Jedhurratti, dhiibeen garaa kaasaa nyataa maadalamaa nyaachuu dhabuun dhiibee garaa kaasaa namati fiduu danda.a Ramoo Jarmii dhiibee garaa kaasaa namati fiduu danda.a kanaafuu nyataa madaalamaa nyaachun barbaachisaadha kanaafuu nyataa madaalamaa nyaachun dhabuun dhiibee garaa kaasaa namati fiduu danda.a

kanaafuu nyataa madaalamaa nyachuun fa:.daa isaa olanaadha bishaan turawaa nyataa falamaa

1. Dhiibee garaa kaasaa himaa IJoo
2. himoon kan keessaattii bareefamaan muraasn himaa caallaa
3. dhiibee kan irraa of egun barachisaadha kan nu Jeenu himaa goolabaati

Yaada qormaata keeyyata barreessuu marsaa afur dabareen armaan oliitti kennname irraa Kan hubatamuu danda'u baratoonni Kun sirna tuqaaleefi qub-guddeessatti fayyadamuu keeyyata barreessuu irratti dogoggora kan uuman ta'uu, keeyyata amalota keeyyata gaarii guute barreessuufi barreffama isaanii keessatti walqabsiistota kan hin fayyadamne ta'uutu hubatama. Kana malees baratoonni Kun hima ijoo hima callaafi hima goolabaa addaan baasanii Kan hin hubanne ta'uu agarsiisa. Karaa biraan baratoonni Kun gumee qopheessanii gara barreffamaatti seenuufi gumee qopheessuu irratti rakkoo akka qaban hubachiisa.

Walumagalaatti barreffama marsaa afur (4) barattootaaaf kennname wal biraa qabuun yoo xiinxalamu bakkii isaan irra caalaa dogoggoraa uuman baratoonni baay'een sirna tuqaaleefi qub-guddeessatti sirriitti Kan hin fayyadamne ta'uufi gumee qopheessuun barreessuu irratti rakkoon jiraachuu agarsiisa

Haaluma kanaan akkaataa kitaaba barataa kutaa kudhanaffaa keessatti dhiyaatetti baratoonni kutaa kudhanaffaa baratan dandeettii keeyyata barreessuu kan akka sirna tuqaaleefi qubguddeessa eeganii akka keeyyata barreessan kanamales keeyyata amaloota keeyyata gaarii guute barreessuun akka isaan dandeettii keeyyata barreessuu gonfatan taasisa. Akkasumas caasaa keeyyataa, yaadota qindeessuu, dura duubaan himootaa eeganii keeyyata akka isaan barreessan, gumee qopheessuun dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfataniif kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti kaa'ee jira.

Fakkeenyaaaf Keeyyata barreesse otoo hin xumuriin hanbissee baratoonni akka filannoo AfiB keessaa filachuun yaada keeyyatichaa jalqabamee hafe xumuraniif ka'e jira. Kitaaba barataa

kutaa 10ffaa (2006, f.12), Kanamalees Mata-duree, “Guddina Afaniifi Aadaa Oromoo keessatti gahee manguddootaa” jedhuurratti barreffama dheeraa keeyyata afurii hanga ja’aa qabu barreessi. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.56). Mata-duree irratti keeyyanni barreffamu erga kenne booda haala itti keeyyanni sun barreffamu tartiban ka’eera. Tartiibni kunis jalqaba irratti ofuma isaanii yaaduun odeeffannoo akkaataa yaadannootiin barreessuun ykn burqaalee adda addaarraa funaanuu. 2ffaa. Yaadota funaanamaan tartiiba sirrii ta’een teessisuu. 3ffaa. Barreffama duraa barreessuu. 4ffaa. Barreffamicha keessa deebi’anii dubbisuun sirreessuu; yoo danda’ame hiriyoota isaaniitti laatanii yaada irratti kennisiisuu. 5ffaa Barreffama isa dhumaan barreessuun barsiisaan akka siif dubbisu itti laachuu.

Seenaan Onesmoos Nasiib dubbisuun seenaa nama biraa keeyyata shaniin akka barreessaniif dhiyeessaniru. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.66). Mata-duree Tokkummaafi Garaagarummaa Qilxuufi Odaa erga tarreessanii booda walitti qindeessuun keeyyata tokko barreessi. Yommuu keeyyata kana barreessitu, walqabsiiftoota sirrii ta’anitti fayyadamuun akka isaan barreessaniif dhiyeessera. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.75). Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.106) irratti erga keeyyata dubbisanii hima ijoo, hima callaa fi hima goolabaa akka isaan dubbisicha keessa baasan erga taasisee booda mata-duree dhiyeessuun keessa tokko filachuun akka isaan keeyyata hima ijoo, hima callaa fi hima goolabaa hammachisuun akka isaan barreessan ka’eera.

Yaadota olitti ibsaman kanarraa wantii hubatamu kitaabni barataa kutaa 10ffaa barattooni kutaa 10ffaa dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfataniif sirna tuqaalee fi qub guddeessaa, amaloota keeyyata gaarii, caasaa keeyyata, yaadota qindeessuun dura duubaa himootaa akka isaan eeganii barreessaaniifi mata duree garaa garaa kenuun akka shaakalanii dandeettii keeyyata qindoomina qabu barreessuu akka gonfatan taasisuutu irraa hubatama. Kitaabni barataa haala kanaan haa ka’uu malee barattooni kun barreffama isaaniirraa akka hubatamutti keeyyata qindoomina qabu barreessuu kan hin dandeenye ta’u hubatama.

Kitaabni barataa akkaataa isaan dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfataniif haala kanaan haa ka’uu malee qorattuun keeyyata barattoota barreessisaa turteen walbira qabdee yoo xiinxaltu barattooni kun akkaataa kitaabni barataa kaa’e kanatti keeyyata afurii hanga jaha kan jedhuu barreessuu kan hin dandeenye ta’uu agarsiisa.

4.3. Xiinxala Ragaa Afgaaffii Barsiisootaa

Afgaaffii jalqaba barsiisotaaf dhiyaate keessaa gaaffiin 1ffaa “Barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa dandeettiwwaan afaanii isa kam shaakaluu sodatuu? ” Jedhuuf deebii kennitoonni lama deebii walfakkaataa isaan kennaniin barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa dandeettiwwaan afaanii gurguddoo arfaan wayitii shaakalan keessatti barreessuu irratti shaakaluu sodachuu isaanii ibsan. Sababiin isaas dandeettiin barreessuu yeroofi xiyyeffannoo guddaa waan barbaaduuf, wayitiin barnootaa isaaniif kenname immoo shaakala kanaaf gahaa ta’uu dhabuu isaa ibsan.

Gaaffii kana irratti deebii Kennan inni biroo ammoo baratoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa dandeettiwwaan afaanii gurguddoo arfaan wayitii shaakalan keessatti barreessuufi dubbisuu irratti shaakaluu sodachuu isaanii ibse. Gaaffii 4ffaa irratti deebii kennitootaaf dhiyaate barsiisoonni, keeyyata barreessuu akka shaakalaniif barattootaaf hagam yeroo gahaa laattuu? Jedhuuf deebiin kenname gahaa miti jechuun sababa waliin ibsaniiru. Sababni isaan ibsanis baay’ina barattootan Kan ka’ee waan hin mijanneef akkasumas yeroon kenname gahaa miti jechuun ibsaniiru.

Dabalataanis Gaaffii 8ffaa Barattoonni dandeettii keeyyata gaarii barreessuu akka hin gabbifanneef wantoonni dhibbaa ta’an maal fa’i? Jedhuuf deebiin kennamee baay’een isaanii kutaa gadiitti barreessuu irratti fedhii dhaabuu mala, baay’ina barattoota daree tokko keessatti argamanii haala teessuma barattoota fi baay’ina wayitii barnoota Afaan Oromoof kenname xiqqaa ta’u ibsaniiru.

Yaada deebii kennitoota kanarraa akka hubatamutti barattoonni dandeettiwwaan afaanii gurguddoo arfan wayita shaakalan barreessuufi dubbisuu akka sodatan irra hubatama. Kana malees yeroon shaakala barreessuuf kenname gahaa ta’uu dhabuu ta’a. Akkasumas barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu irratti wantoonni dhiibbaa ta’an kutaa gaditti shaakala dandeettii keeyyata barreessuu horachuu dhabuu, baay’ina barattoota daree tokko keessatti argamaniifi yeroo barnoota afaan oromoof kenname gahaa ta’u dhabuudha.

4.4. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffiin funaaname

4.4.1. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffii Cufatiin funaaname

Gabatee 8: Odeeffannoo barattoonni Dandeettiwaan afaanii gurguddoo arfan
ilaalchisuun Kennan

Lakk	Gaaffiilee	Dandeettiawaan afaanii gurguddoo arfan	Tartiibeessi								Baay'ina barattoota	
			1		2		3		4			
Lak	%	Lak	%	Lak	%	Lak	%	Lak	%	Lak	%	
1	Barnoota hanga kutaa10ffaatti barachaa turte keessatti dandeettiawaan afaanii gurguddoo ta'an arfan akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessi	Barreessuu	39	46.4	16	19	21	25	8	9.5	84	99.9
		Dubbachuu	33	39.2	17	20	15	18	19	22.7	84	99.9
		Dhaggeeffachuu	5	6	8	10	13	15	58	69	84	100
		Dubbisuu	18	21.4	29	34.5	26	31	11	13	84	99.9
2	Dandeettiawaan afaanii gurguddoo arfan akkaataa bu'aaqabeessumma a tartiibeessi	Barreessuu	13	15.4	24	28.5	27	32.1	20	23.8	84	99.9
		Dubbachuu	18	21.4	27	32.1	17	20.2	22	26.1	84	99.9
		Dhaggeeffachuu	35	41.6	15	17.8	9	10.7	25	29.7	84	99.9
		Dubbisuu	17	20.2	18	21.4	31	36.9	18	21.4	84	99.9

Akka gabatee armaan oliirraa hubatamuu danda'utti yaada barattonni barnoota hanga kutaa10ffaatti barachaa turte keessatti dandeettiawaan afaanii gurguddoo ta'an arfan akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessuu ilaalchisuun bargaaffiin dhiyaatefii ture. Gaaffiilee dhiyaataniifii keessaa inni tokko Barnoota hanga kutaa10ffaatti barachaa turte keessatti dandeettiawaan afaanii gurguddoo ta'an arfan akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessuu kana addaan baasuuf kaayyeffamee ture. Isaanis gaaffii kanaaf yeroo deebii Kennan barattoota waliigala gaafataman iddattoof filatamaan 84 (9.9%) keessaa harkii 39 (46.4%) Kan ta'an barnoota hanga kutaa10ffaatti barachaa turte keessatti dandeettiawaan afaanii gurguddoo ta'an arfan akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessuu, keessa barreessuun kanneen biroo caalaa sirriitti cimaa akka ta'e ibsaniirru.

Akka baraattonni 33(39.2%) ta'an tarreessanitti barnoota hanga kutaa10ffaatti barachaa turte keessatti dandeettiawaan afaanii gurguddoo ta'an arfan akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessuu keessaa dubbachuu, dandeettii barreessuutti aanee dubbachuu cimaa akka

ta'eedha. Karaa biraatiin immoo barattooni 18 (21.4%) ta'an immoo dubbisuutu salphaadha jechuun deebii kan kennan yoo ta'an, 5(6%) kan ta'an immoo akka ibsanitti dhaggeeffachuun dandeettiwwan afaanii keessa baay'ee salphaa ta'uu isaa ibsanii jiru.

Haaluma walfakkaatuun barattooni Dandeettiwwaan afaanii gurguddoo arfan akkaataa bu'aa qabeessummaa isaatiin gaafataman keessa 35(41.6%) Kan ta'an dandeettiwwan afaanii arfan, keessa dhaggeeffachuun kanneen biroo caalaa sadarkaa 1ffaa akka ta'ee ibsanii. Akka barattooni 18(21.4%) ta'an tarreessanitti dandeettiwwaan afaanii gurguddoo arfan keessa dubbachuu, dandeettii dhaggeeffachutti aanee dubbachuu sadarkaa 2ffaa akka ta'eedha. Karaa biraatiin immoo barattooni 17(20.2%) kan ta'e dubbisuun immoo sadarkaa 3ffaa ka'aniru kan malees barattooni 13(15.4%) Kan ta'an akka ibsanitti barreessuu dandeettiwwa afaanii keessa sadarkaa 4ffaa ta'uu isaa ibsanii jiru.

Yaadota armaan olii kana irraa akka hubatamitti barattooni baay'een akkaataa ulfaatina isaatiin dandeettiwwaan afaanii gurguddoo arfan yeroo sadarkeessaan barreessuu dandeettiwwaan afaanii warra kaan irraa cimaa akka ta'eefi barreessuutti aanee dubbachuu cimaa akka ta'e irraa hubatama. Kana malees barattooni gidduu galeessi dubbisuun salphaa akka ta'eefi dubbisuutti aanee dhaggeeffachuun akka baay'ee salphaa ta'e agarsiisa. Karaa biraan dandeettiwwan afaanii gurguddoo arfan akkaataa bu'aa qabeessummaa isaatiin barattooni baay'ee dandeettii dhaggeeffachuu kanneen biroo akka caaluufi dhaggeeffachutti aanee dubbachuu kaan caalaa bu'aa qabeessa ta'uu saatu hubatama. Kana malees barattooni hafan dubbisuufi barreessuu bu'aa qabeessummaan isaa dandeettiwwan dhaggeeffachuuфи dubbachuu gadi ta'uu agarsiisa.

Lakk	Gaaffiilee	Filawwoowwan	Baay'ina barattootaa		Ida'ama	
			Lakk	%	Lakk	%
3	Irraa deddeebiin barreessuu dandeettii barreessuu gabbifachuuf hangam gargaara?	A. baay'ee gargaara	64	76.19	84	99.99
		B. ni gargaara	20	23.8		
		C. hin garaaru	-	-		
		D. gonkuma hin garaaru	-	-		

4	Keeyyata barreessitu keessatti barruu gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwaniifi qub guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti.	A. baay'een waliigala	38	45.23	84	99.98
		B.waliin gala	33	39.28		
		C.walii hin galu	13	15.47		
		D.gonkumaa walii hin galuu	-	-		

Akka gabatee armaan oliirraa hubatamutti, barattooni 64(76.19%) Kan ta'an immoo, irraa deddeebiin barreessuun dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuu baay'ee gargaara jechuun deebii isaanii ibsanirru.Gama biraattiin immoo barattooni 20(23.8%) Kan ta'an immoo irraa deddeebiin barreessuun dandeettii barreessuu gabbifachuuf ni gargaara jechuun deebii isaanii ibsanirru.Baraattonni 38(45.23%) ta'an yommuu Keeyyata barreessitu keessatti barruu gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwaniifi fi qub guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti kan jedhuuf baay'een waliigala jedhanii deebisaniiru. Baraattooni 33(39.28%) Kan ta'an immoo Keeyyata barreessitu keessatti barruu gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwaniifi fi qub guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti akka itti waliin gala ibsaniiru.

Gama birootiin 13(15.47%) Kan ta'an immoo Keeyyata barreessitu keessatti barruu gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwaniifi qub guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti walii hin galu jechuun ibsanii. Yaada armaan olii irra waanti hubatamuu danda'u dandeettii keeyyata barreessuu barachuun barbaachisaa ta'ufi irra deddeebiin barreessuun dandeettii barreessuu gabbisuuf kan gargaaruu ta'uu hubachisa. Kanamalees barruu gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistotaafi qub guddeessatti sirnaan fayyadamuu irratti akka walii galamuu agarsiisa.Haaluma kanaan bargaafii banaa lakkofsa sadaffaa jalatti dhiyaatees, Akka yaada ketti rakkoo guddaan akka dandeetti keeyyata gaarii barreessuu hin guddifanneef rakkoodha jettee yaadduu maali?

- Sirna tuqaalee sirrii fayyadamuu dhabuu
- Qabee guddaafi xiqqaa wal makanii barreessuu.
- Sirriitti hubannoo/hubachuu dhabuu
- Sodachuun yaaluu dhabuu

- Barsiisaan waa'ee keeyyata barreessuu dhabuu
- Akka yaada kотiitti rakkoo kan ta'e barsiisaan waa'ee keeyyata barsiisuu malee barreessisuudhaaf yaalii waan hin taasifneef rakkoo ta'e jedheen yaada
- Seerota afaanii beekuu dhabuu fi caasaalee keeyyata sirriitti beekuu dhabuudha
- Yeroo hedduu irra deddeebiin keeyyata barreessuu shaakaluu dhabuufi k.k dha
- Barattooni fedhii keeyyata barreessuu dhabuufi shaakalli gahaa gochuu dhabuu.
- Qaamota keeyyatni tokko qabaachuu qabu adda baasuu dhabuu
- Walqabsiistuu sirrii fayyadamuu dhiisuu, himoota hiika qaban fayyadamuu dhiisuu sodaafi k.k.
- Kutaa gaditti barnoota afaan oromoo sirnaan barachuu dhabuu.
- Hordooffiin barsiisaa dhabamuu.
- Dandeettii barreessuufi dubbisuu dhabuudha.
- Kutaa 1ffaa jalqabee barsiisaan afaan oromoo eebbfamee waan nu barsiisuu dhibeef

4.5. Xiinxala Odeeffannoo Daawwanna Daree Irraa Argame

Daawwanna daree gaggeefame keessatti adeemsa keeyyata barreessuu barattooni keessa darbuu qaban barattootaaf ibsuun akka barattooni keeyyata gaarii barreessan barsiisaan deeggarsa godhaa? Kan jedhuuf hagas mara miti. Waa'ee keeyyataa ibsuun yaadannoo kennuuf malee akka isaan barreessaniif mata duree kennuun hin shaakalsiisan. Barsiisaan barattooni barreeffama isaanii akka waliif gulaalan carraa kenneera? Carraa hinkennine.barsiisaan waa'ee barreessuu fi akkaataa itti barreessan ibseefi malee akka isaan mataduree fudhatanii keeyyata barreessanii waliif gulaalan carraa hin kennu,yeroo daawwannaan gaggeeffame keessatti yeroo qorattuun fudhathee daree barnoota keessa turtetti akka hojii manaattillee akka barreessanii dhufaniif carraan hin kennamneef.

Barattooni hunduu haala walfakkaatuun hin hirmaatan. Akka carraa daree barnootaa qorattuun seentee daawwanna gaggeessite keessa barsiisaan waa'ee caasaa keeyyata barreeffama keessa hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa akka isaan adda baasanii barreessan barsiisa. Barsiisaan ibsee akka isaan hirmaatan haa taasisuuyyuu malee barattooni baay'een harka baasuun hin hirmaatan. Warrii hirmaatanis deebii sirrii kan kennan barattoota muraasa. Warreen kaan hima callaa akka hima ijootti Kan deebisanis ni jiru. Barsiisaan barruu barattoota hunda ilaaluun hin sororre. Qorattuunis yeroo daawwanna gaggeessitetti baruulee barattoota hanga tokko

ilaaluuf yeroo yaalii gootetti baruulee barattootaa irra gilgaalaafi yaadannoo adda addaatu barreeffamee jira malee keeyyanni /barreeffamni barattootaaf soroorfame kan hin jirre ta'uu hubattee jirti.

Daawwannaan dareerraan akka qorattuun hubattetti barsiisonni adeemsa keeyyata gaarii barreessuu barattootaaf ibsanii akkasaan barreessan gochuu irratti akkasumas deeggarsi isaan akka barattooni dandeettii keeyyata gaarii barreessuu gabbifataniif taasisan quubsaa akka hintaane hubatameera. Gama barsiisaan barreeffama isaanii akka waliif gulaalan carraa kennuu irratti barsiisaan carraa mata duree kennuu akka isaan barreessan kan hin taasisne ta'uutu mul'ata. Yommuu barnoonni kennamu barattooni haala walfakkaatuun kan hin hirmaanneefi barattooni hirmaatanis deebii sirrii kan kennan muraasa ta'uu, barsiisonni barruu barattootaa kan hin soroorsine ta'uutu hubatame. Daawwannaan kana keessatti barsiisaan barattoota mata duree adda addaa kennuu keeyyata akka isaan barreessan gochuu dhabuuniifi barattooni barreeffama isaanii akka waliif gulaalan taasisuu irratti carraa kennee hirmaachisuu irratti gadi aanaa ta'uun hubatameera. Kanaafuu barattooni dandeettii keeyyata barreessuu irratti gahumsa dhabuu, keeyyata barraa'ee irra hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa adda baasanii beekuu dhabuu agarsiisa. Odeeffannoo kan olitti tarreffaman irraa wanti hubatamu.

Barsiisooni adeemsa keeyyata barreessuu keessa darbu barattootaaf ibsuun barattooni keeyyata gaarii akka barreessan taasisuu dhabuu, barattooni daree barnoota keessatti haala walfakkatuun kan hin hirmaanne ta'u, barsiisooni barattootaaf barreefama isaanii akka isaan waliif gulaalan carraa kan hin kennine ta'uufi barruu barattootaaf kennuu kan hin soroorsine ta'uu hubachuun ni danda'ama.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

5.1. Cuunfaa

Barreessuun dandeettiawaan afaanii gurguddoo arfan keessaa tokko yoo ta'u, dandeettiin barreessuu salphatti kan gonfatamu akka hin taane hubatama. Barattoonnii dandeettii keeyyata barreessuu yoo gabbifatan dhaabbilee barnoota olaanoo keessatti barreessuun isaan hin rakkisu. Haaluma kanaan xiyyeffannoong guddaan qorannoo kanaa mana barumsa Dedoo sadarkaa 2ffaatti dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa xiinxaluudha. Qorannichi gaaffiilee Barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaatti keeyyata barreessuu akkamii gonfachuu irraa eegama? Keeyyata barreessuurratti dogoggori isaan uuman maal fa'i fi baratoonni kun keeyyata barreessuu keessatti rakkoleen isaan mudatu maalfa'i? kan jedhu kaastee jirti.

Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaatti xiinxaluudha. Kana galmaan gahuufis kaayyoo gooree Barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaatti keeyyata barreessuu akkamii gonfachuu akka qaban ibsuu. Keeyyata barreessuu keessatti dogoggora isaan uuman ibsuu fi keeyyata barreessuu keessatti rakkoo isaan mudatu tarreessuu kan jedhu qabatee jira. Gaaffiilee qorannichaa deebisuufi kaayyoolee tarreeffaman galmaan gahuuf barruu adda addaa sakatta'uun iddattoowwan ragaa kennuu danda'an barattoota mala iddatteessuu carraa keessaa iddatteessuu sirlawaatiin filatamaniiru. Barsiisoonni kutaa 10ffaa Afaan oromoo barsiisanis iddattoo miti carraa keessaa kaayyeffataan kan filataman akka madda ragaatti tajaajilaniiru. Iddattoowwan filataman irraa ragaaleen qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf kennuun, af gaaffii, bar gaaffiifi dawwanna daree walitti qabamee jira. Ragaaleen mala funaansa ragaatiin walitti qabame mala akkamtaa fi mala hammamtaan xiinxalameera. Odeeffannoo meeshaalee garaa garaatin funaaname irraa akka hubatametti baratoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaatti keeyyata barreessuu isaanii irratti dogoggora kan uuman ta'uu, qubguddeessaafi sirna tuqaaleetti fayyadamuu irratti rakkoon jiraachuu, seerlugaatti sirriitti fayyadamuu dhabuu caasaa keeyyataa hima ijoo,hima callaafi hima goolabaa barreffama keessaa baasuu dadhabuu, filannoo jechootaa barreffama isaanii keessatti kan hin eegne ta'uu,walqabatiinsa yaada kan hin qabne ta'uun argama.

Kana jechuun amaloota keeyyata gaarii guutuun keeyyata qindoomina qabu barreessuu dhabuufi gumeed qopheessuun keeyyata barreessuu akka hin dandeenye agarsiisa. Kanamalees barsiisoonni akka barattoonni kun keeyyata barreessaniif deegarsa kan hin goone ta'u hubachiisa. Kunis barsiisaan adeemsa keeyyanni keessa darbu ibsuun keeyyata gaarii akka barattoonni barreessaan kan hin taafineefi barreffama barreessisuun sororsuu dhabuudha. Karaa biraan barattoonni kun mana barumsaa sadarkaa 1ffaatti barsiisoota afaan oromoon hin leenjineen kan barataan ta'uufi akka isaan keeyyata barreessanifillee carraa hin laanne ta'u, hanqina qabachuu hubachiisa.

Dandeettii barreessuus ta'e keeyyata barreessuu barattoota cimsuuf gaheen barsiisoota afaan oromoo irraa eegamu guddaa ta'us barsiisoonni afaan oromoo garuu odeeffannoo ibsame irraa akka hubatamuutti barattoota keeyyata barreessuu shaakalchisuu irratti kan hin xiyyeffanne ta'u agarsiisa. Dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuun barruu guutuu barreessuuf, seenaa ofii haala qindoomina qabuun barreessanii ka'uuf akkasumas asoosam adda addaa kalaquun guddina afaan oromoottif kan gumaachudha.

5.2. Arganno

Odeeffannoo xiinxalame qorannichaa kan armaan gadiiti.

1. Keeyyata barreessan keessatti duraa duuba yaadaa eeguu dhabuu. Kanamalees caasaalee keeyyataa hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baasanii beekuu dhabuu. Keeyyata keessatti bakka himni ijoo itti argamu sirriitti beekuu kan hin dandeenye ta'u.
2. Barsiisoonni afaan oromoo kutaa 10ffaa barsiisan waa'ee keeyyataa barsiisu malee akka isaan keeyyata barreessaniif carraa kennuu dhiisuu. Kana malees barattoonni kun sadarkaa tokkoffaa yeroo barachaa turanitti barnoota afaan oromoo kan isaan barsiisu barsiisota gosa barnoota biroon kan eebbfaman ta'uufi hordoffii dhabuu fa'i.
3. Barattoonni mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa amaloota keeyyata gaarii tokkummaa ,walqabatinsa,guutummaafi xiyyeffanna keeyyata barreessan keessatti mul'achuu dhabuu, Akkasumas keeyyanni isaan barreessan walqabsiistotatti Sirriitti fayyadamuu dhiisuu. Kanbiroo barattoonni kun filannoo jechootaa eegani barreessuu dhabuufi qindoominni himootaa kan hin jirre ta'u.

5.3. Yaada Furmaata

Qabxiileen furmaataa ijoo qorannoo kanaa kan armaan gadiiti. Bu'aa qabeesummaan hojii tokkoo qaama tokko qofaan galma waan hin geenyef qaamoleen dhimmi ilaaluu hundii gahee isaan irraa eegamu bahachuu qabu. Kanaafuu, rakkolee qorannoон kun adda baasee furuuf barsiisoonni, barattoonnifi qaamni mootummaa hojilee kanaa gadii hojjechu qabu.

- ▶ Barsiisoonni barattoota isaanii yeroo waa'ee keeyyataa barsiisan ibsanii darbuu qofa osoo hin taane akka isaan ofii barreessaniifillee osoo deeggaranii gaarii ta'a.
- ▶ Keeyyata yeroo barsiisan barsiisoonni qajeelfama kennun dhimmoota irratti xiyyeffatame soroorfamu barattoota hubachiisuun shaakala adda addaa kennun akka isaan barreessan osoo taasisee caalaatti filatama ta'a.
- ▶ Itti fayyadama sirna tuqaalee, barreeffama keessatti iddo qub-guddeessi itti barreeffamufi filannoo jechootaa, seerlugaafi akkamitti himoonni seeran qindaa'anii akka keeyyata gaarii tokko uuman osoo sirriitti hubachiisanii filatamaa ta'a.
- ▶ Caasaalee keeyyataa keessaa himni ijoo eessatti argamuu akka danda'u adda baasuun osoo sirriitti barsiisanii barattooni hubannoo qaban dabaluu ni danda'a.
- ▶ Amaloota keeyyata gaarii tokko tokkoon isaa maal irratti akka xiyyeffatu haalaan osoo barsiisanii gaarii ta'a.
- ▶ Wayitti barnoota Afan oromoof kennameen alatti bifa isaaniif mijateen haala mijeessuun akka barnoota dablatatti osoo kennanii barreeffama adda addaa shaakalsiisanii guddina afan oromootif illee ka'umsa barattoota keessatti kanuumu ta'a.
- ▶ Barsiisonni afan oromoo yeroo waa'ee barreessuufi keeyyata adda addaa barsiisaan gumee qopheessuun akkamitti gumeen qophaa'e gara keeyyata barreessuutti akka seenaan duraa duuba isaa sirriitti ibsaniifi hunda caalaa gaarii ta'a.
- ▶ Waan barattooni ofii isaanii barreessuu danda'an kan akka seenaa jirenyaa barreessisuun soroorsani bakka dogogoran ilaalani hubachisuun baruu guutuu

akka barreessan osoo gargaarani barattooni kun gara fuula duuraatti akka waa kalaqaniif osoo karaa qabsiisanii gaarii ta'a.

- ▶ Barsiisoonni kutaa 10ffaa barsiisan akka shaakala kitaabni barataa barattooni dandeettii keeyyata barreessuu gonfataniif kaahe osoo irra deddeebiin shaakalsiisanii dandeettii barreessuu gonfachiisanii gaarii ta'a.

WABIILEE

Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa: Yaadrimree Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Mega Printing PLC.

Addunyaa Barkeessaa. (2014). SEMMOO: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Ameri, L. (2008). Writing letters for all (1st Ed) Peshawar: Khawar Book Co.

Atkins John, etal. (1996) skills Development Methodology.Part Two.Addis Ababa University Press.

Balaay Xuruu Dabaloo (2008) “Madda Rakkoo Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu Barattoota Godina Jimmaa Aanaa Xiroo Afataa Mana Barumsaa Diimtuu Sad.2ffaa Kutaa 9ffaarratti Xiyyeefafe.”

Brown, H. (2000). Principles of Language Learning and Teaching. New Jersey: Prentice-Hall Inc.

Berninger **at al.** (2002). Writing Strategies Used---, Desi Nur Komariyah, FKIP UMP.

Brostoff, A. (1981).Coherence:”Next to”Is Not”Connected to”. College.

Broadman, A.C. (2008). Writing to communicate 1 (3rd Ed.).Boston: Pearson Education, Inc.

Broadman, A. and Frynberg, J. (2008). Writing to communicate: Paragraph and essay (3rd ed). USA. Person Longman Press.

Bonet, D. (1991). Clear writing: a step by step guide. Retrieved from <https://ebookcentral-proquest-com.sdl.idm.oclc.org>

Byrned (1998). Teaching Writing Skill. London Longman Ltd.

Baayireen, D. (1988). Teaching Writing Skills. London: Longman Press.

Chandler, D. (2004), Semiotics for Beginners, Oxford, Routledge, Oxford, available at: www.aber.ac.uk/dgc/semiotic.htm

Canale, M. (1983). From Communicative Competence to Communicative Language Pedagogy and Communication. London: Longman.

Diyanni R. and Pat, C.H. (1998). The scribner Hand book for writers (2nd ed.). Allyn and Bacon: Aviacom Company.

Eskendar Meseret,(2014) ."An Investigation of The Practice of Teaching writing At Secondary level The case of Two Governmental schools In Addis Ababa Grade Nine Focus" Addis Ababa University (unpublished) MA Thesis.

Fedhaa Nagaasaafi Abarraa Kaasaayee. (1996). "Barnoota Afaan Oromoo Koollejjiif," (Hidhaa Lammaffaa). Adaamaa: Koollejji Barsiistotaa Adaamaa, Muummee Afaan Oromoo.

File Jaallataa. (2019). Malleen Qorannoo: Mana maxxaansaa: ADP (ADP printing press).

Lidbolm in Fatmawaty. (2010). Increasing the Students' Proficiency through Think-Talk- Write Method. Thesis: UIN Alauddin Makassar.

Gerald. (1973).Controlled Composition in English as a Second Language.

Graves, Donald. (1994). A Fresh Look at Writing. Portsmouth: Heinemann Educational Book.

Gaber, A. (2003). The Effectiveness of a Suggested Program Based on the Whole Language Approach in Developing Student- Teachers' Essay Writing Skills. Unpublished M.A. Thesis: Ain Shams University.

Hammad. (2013). Writing Strategies Used---, Desi Nur Komariyah, FKIP UMP.

Harege wain Abate. (2008)."The effect of Communicative Grammar on the Grammatical Accuracy of Students' Academic writing: An Integrated Approach to TEFL", Addis Ababa University.(unpublished) MA Thesis.

Harmer, J. (2004). The practice of English Language Teaching London: Longman.

Hewings, A. & Curry, M. (2003). Teaching academic writing: A toolkit for higher education, Routledge: London and New York.

Hill, (2001). Teaching Process Writing.

Jefferson K., Ramya Sri R., Radhakishnan V. Psycholohy. (2020). An Exploration on Issues and Challenges in Teaching Writing Skills to Tertiary-Level Learners.

Kroma. (1988). Action Research in Teaching Composition. Vol 24 forum Washington DC.

Kelly, w. and Lawton. D. (2006). Odyssay: from paragraph to essay (4th ed. Pearson Longman Press.

- Langan, J. (2005). College writing skills: six editions. Newyork; MCGrawhill companies.
- Langan, J. (1985). College Writing Skills with Readings. New York: Mc Graw Hill.
- Lundsford, A. & Connors, R. (116). St. Martin's handbook. Annotated instructor's ed. NewYork: St. Martin's Press.
- Masarat Zawudee (2008). "Hanqina Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Irratti Barattoonni Akka Afaan Lammaatti Baratan Qaban: Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatti Mana Marumsa Sadarkaa Lammaffaa Abbaa Bunaafi Saxoo Samaroo Xiyyeeffachuun."
- Melakeneh Mengistu, 1992 (4th.). Pre-College English. A.A. Paluston, Christian and Dykstra.
- Markel, M. (1994). Writing better paragraph. John wiley & Sons.
- McCrimmon, J. M. (1963). Writing with the purpose Afirst course in college composition (3rded). New York: Houghton Mifflin.
- Misgaanuu Gulummaa. (2011).Kattaa: Ogummaa Barreessuu. Finfinnee, Efficient printing press.
- Mohammed Ibkahim. (2015) . University student's English writing problems:Diagnosis And Remendig Nile valley university Abtara sudan International Journal of English language teaching Vol3,No.3, pp.40-52.
- Nunan, D. (1991). Language Teaching Method.A Textbook for Teachers.Prentice Hall International Press.
- Oshima A & Hosue A. (1997). Introduction to Academic writing (2nd ED). Longman.
- O'Donnell D, Teresa. & Paiva, Judith L. (1993). Independent Writing (2nd Ed) Boston, Massachusetts: Heinle & Heinle Publishers.
- Rahmatia. (2010). Using Dictation Technique to Improve Students'Writing Ability Thesis: UIN Alauddin Makassar.
- Richard, J. (1997). Approach and Method in Language Teaching. London: Cambridge University Press.Unpublished.
- Richards, J.C. (1990). From meaning in to words: writing in a second or forign language. The Langauge teaching matrix. Cambridge: Cambridge. University press.
- Richards, Jackc and Rogers. Theodores. (2001). Approaches and Methods in language Teaching (2nd Ed) Cambridge: Cambridge University.

Practice. Technical. University Faculty of Education, Tefila Jordan. Int J Edusci, 3(1); 25-36.

Pree. <http://dx.doi.org/10.1017/CBO9780511667305>

Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa. (2005). Kitaaba barataa Dhabbata Maxxansaa MK. Bakkaa maxxansaa kampaala.

Widdowson in Saleha. (2008). Increasing the students' Writing Skill through Think- Talk- Write Method. Thesis.

Stanford G & Smith M. (1980). Better writing, From Paragraph to Essay. Harcourt Brace College Publishers.

Suleiman A.M.D, (2011). Teaching and Assessing writing strategies For Secondary School students and Investigate Teachers' and student Attitudes towards writing.

Speck, Bender W. (1988). Grading Students Writing: An Annotate Bibliography. West Toorri intarnettii Jaigobin Shivcharran, former English Teacher at New York city Department of Education.

www.Quora.com.

Tegbar Kibret Muluneh, (2018). Improving Students' Paragraph Writing Skill through Task-Based, Arts Social Sci J 2018, 9:3, Department of Social Science, Ambo University, Ethiopia.

<http://tutorsofliteracy.blogspot.com/>

Toleeraa Tasammaa Kaasaa (2008) "Ogummaa Barreessuu Gabbifachuu Keessati Rakkoolee Barattoota Kutaa 9ffaa Mudatan Adda Baasuu: Haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaatti.

Walters, F. Scott (2000). Basic Paragraph Structure.

<http://lrs.ed.uiuc.edu/students/fwaltes/para.html>

White & A. (1991). Writing Strategies Used---, Desi Nur Komariyah, FKIP UMP.

Wyrich, J. (2013). Steps to writing well with additional readings. Cengage Learning.

Yule G, (1996). The Study of Language. University press, Cambridge.

Yohaannis Mallasaa. (2008, f.29). Qaaccessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo.

Yaadasaa Tolasaa. (2018). Malleen Qorannoo Waligalaa: Amboo.printed by Far East Trading PLC

Zemach, D.E., & Rumisek, L. A. (2005). Academic Writing from Paragraph to Essay. Macmillan Education.

Maqaa barattootaa iddattoon filatamanii

Barattoota armaan gaditti iddattoon filatamanii odeeffannoona irra funaaname kanaf bargaafiin gaafa guyyaa 29/8/2014 rabsame. Haaluma kanaan gaafa 6/9/2014 barreeffamni marsaa tokkoffaa isaaniif kennamuun funaanamera. Marsaan 2ffaa 16/9/2014, marsaa 3ffaa immoo 28/9/2014 akkasumas marsaa 4ffaa 14/10/2014 kennamuun funaanamera.

Lakk	Maqaa guutuu	Saala	Umurii	Kutaa
1	Aliimaa Nagaa	Dub	13	10ffaa
2	Abdurraman A/Rashaad	Dhir	18	"
3	Habiib SH/Kamaal	Dhir	24	"
4	Miftaahu Nagaa	Dhir	31	"
5	Abdusamad Na'iim	Dhir	17	"
6	Saadam A/Jihaad	Dhir	16	"
7	Muniiraa Naasir	Dub	16	"
8	Laziizaa Biyyaa	Dub	18	"
9	Itaalem Tasfaayee	Dub	16	"
10	Abdurramaan Zaakir	Dhir	22	"
11	Saabir Gaalii	Dhir	17	"
12	Abbaas zaakir	Dhir	14	"
13	Kaddee A/Jihaad	Dub	17	"
14	Abdallahi Amad	Dhir	20	"
15	Zinaati M/amiin	Dub	17	"
16	Safiyaa M/amiin	Dub	18	"
17	Anuwaar Tajuddiin	Dhir	21	"
18	Martaa Mokonnoon	Dub	19	"
19	Samiraah A/Zinaab	Dub	15	"
20	Abdurrazaaq Mammad	Dhir	20	"


21	Toofiq Yaazid	Dhir	18	"
22	Damisee Tamasgeen	Dhir	14	"
23	Fu'aad A/Biyyaa	Dhir	17	"
24	Abdurrazaaq A/Macca	Dhir	19	"
25	Uummii Bayyanee	Dub	18	"
26	Zulaalii SH/kamaal	Dub	17	"
27	Karimaa A/Biyyaa	Dub	18	"
28	Suudii Fiixaa	Dub	16	"
29	Caaltuu Jabaal	Dub	15	"
30	Fu'aad Rashaad	Dhir	23	"
31	Sumaayyaa Ahimaad	Dub	15	"
32	Zubeer Naziif	Dhir	20	"
33	Jifaar Ahimad	Dhir	20	"
34	Hamzaa Mohammad	Dhir	14	"
35	Abdoo Mohammad	Dhir	13	"
36	Taaddasee Samuu'eel	Dhir	16	"
37	Jawaad Amiin	Dhir	17	"
38	Burtukaan Nagaash	Dub	16	"
39	Hiruut Darguu	Dub	16	"
40	Almaaz Kabbadee	Dub	28	"
41	Abdusamad A/Tamaam	Dhir	19	"
42	Roobee shaariif	Dub	20	"
43	Najaat A/Maccaa	Dur	15	"
44	Zumaraa Mohammad	Dub	21	"
45	Foozee Mohammad	Dub	16	"
46	Mustaqiimaa Ahimaad	Dur	17	"

47	Kariimaa Nagaash	Dub	22	"
48	Kaalid Mamuud	Dhir	19	"
49	Fu'aad Ahimaad	Dhir	19	"
50	Sabsiib xayiib	Dhir	18	"
51	Darajjee Anteenee	Dhir	17	"
52	Iftuu Awwal	Dub	17	"
53	Liinaa Abdurraman	Dub	16	"
54	Maqdas Siisaay	Dub	20	"
55	Maftuzaa Mammad	Dub	21	"
56	Samiiraa shaariif	Dub	23	"
57	Maftuhaa shamsuu	Dub	18	"
58	Ifira Hasan	Dur	19	"
59	Fu'aad Mammad	Dhir	17	"
60	Saabิต Naasir	Dhir	18	"
61	Akimaa A/Maccaa	Dub	19	"
62	Muuzammil Yaasin	Dhir	18	"
63	Fira'a'ol Katamaa	Dhir	17	"
64	Abdii Addisuу	Dhir	17	"
65	Baqqaaluu Taakiruu	Dhir	18	"
66	Fantayee Sisaay	Dur	17	"
67	Hamzaa sh/Rashaad	Dhir	19	"
68	Sumayyaa Gaalii	Dub	16	"
69	Usumaa'il Amiin	Dhir	18	"
70	Jaafar Nagaa	Dhir	19	"
71	Jamaal Amaan	Dhir	19	"
72	Abdulaaziiz Na'iim	Dhir	19	"

73	Alamaayehuu Admaasuu	Dhir	25	"
74	Bilaal Biyyaa	Dhir	18	"
75	Abaabaa Abirahaam	Dur	20	"
76	Amiina Seefuu	Dur	16	"
77	Asnaa A/Jabaal	Dur	21	"
78	Buustanii kaaliif	Dur	15	"
79	Daraartuu Wudaad	Dur	18	"
80	Kababbush Zinaabuu	Dur	16	"
81	Alemudiin A/Tamaam	Dhir	18	"
82	Nuunoo Mohammad	Dur	18	"
83	Yesiribaa A/Yudaad	Dur	19	"
84	Zulfaa shaamsuu	Dub	20	"

Maqaa barsiisoota iddattoon filatamanii ragaan afgaaffii irraa funaaname

Lakk	Maqaa odeeffannoo kennitoota	Umurii	Saala	Sadarkaa barnootaa	Guyyaa afgaaffii
1	B/sa Kadiir Mohammad	33	Dhiir	MA	26-28/9/2014
2	B/sa Darajjee Gammachuu	36	Dhiir	MA	26-28/9/2014
Lakk	Maqaa Itti Gaafatamaa Muummee	Umurii	Saala	Sadarkaa barnootaa	Guyyaa afgaaffii
1	B/sa Tamasgeen Baayyuu	38	Dhiir	Digirrii	26-28/9/2014



YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee A: Barreeffama Barattootaa

1. Mata-duree “barmaatiilee barnoota shamarranii irratti dhiibbaa fidan,” jedhuu irratti keeyyata tokko barreessi.



YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee A: Barreeffama Barattootaa

2. Mata duree tokko filachuun amaloota keeyyata gaarii Tokkummaa, Walqabatiinsa fi Guutummaa irratti xiyyeffachuun keeyyata tokko barreessi.
- A. Qilleensa naannoo
 - B. Aadaa fuudhaa fi heerumaa
 - C. Faayidaa Nageenyaa
 - D. Adeemsa baruuifi barsiisuu
 - E. Teeknooloojii ammayyaa




YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee A: Barreeffama Barattootaa

3. Mata-dureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irrattis keeyyata tokko barreessi.
1. Dhibee HIV/AIDSII
2. Baay'ina Ummataafi Misoomaa
3. Faayidaa Aadaa




YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee A: Barreeffama Barattootaa

4. Mata-duree “sababoota dhiibee garaa kaasaa” jedhurratti keeyyata tokko barreessi. Keeyyata kee keessaas hima ijoo, hima caallafi hima goolaba addaan baasuun barreessi.



YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee B: AF-GAFFIILEE BARSIIISOTAA

Kabajamoo barsiisaa: kaayyoon af-gaaffii kanaa rakkolee barattoota kutaa 10ffaa Mana Barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa, dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuurratti gufuu ta'an adda baasuufi. Isinis, dhimma kanarratti odeeffannoo naaf kennuuf heyyamoo ta'uu keessaniif isinan galateeffachaa, gaaffilee dhihaataniif odeeffannoo dhugaqabeessa akka naa kennitan kabajaanan isin gaafadha.

1. Barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa dandeettiwwaan afaanii isa kam shaakaluu sodatuu?
2. Barattoonnii keessaan hangam yaada qindeessuun sadarkaalee barreessuu hundaa keessa darbuun keeyyata barreessuu shaakaluu?
3. Barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Dedoo sadarkaa 2ffaa keeyyata ulaagaa guutee caasaalee keeyyataa hundaa barreessuuf hangam gahumsaa qabuu?
4. Barsiisoonni, keeyyataa bareessuu akka shaakalaniif barattootaaf hagam yeroo gahaa laattuu?
5. Isin (barsiisaa)'n keeyyata barreessuu barattootaa ni shaakalchiftuu?
6. Barattoonni keeyyata /barreeffama barreessaan waliif akka gulaalaan carraa laattuu?
7. Barreeffama barattootaa irratti duub deebii yoo laattaan maal maal irratti hundooftu?

8. Barattoonni dandeettii keeyyata gaarii barreessuu akka hin gabbifanneef wantoonni dhibbaa ta'an maal fa'i?

9. Rakkoowwan keeyyata barreessuu keessatti barattoota mudatan irra caalaatti: Barattootaan , Barsiisotaan moo Qaamolee biroon wal qabatu



YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE

AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee C: BAR-GAAFFIILEE BARATTOOTAA

Kabajamoo barattoota! Kaayyoon gaaffiilee isiniif dhihaate kanaa waa'ee xiinxala dandeetti keeyyata barreessuu barnoota Afaan Oromoo irratti odeeffannoo qorannoodhaaf gargaaran funanaamudha. Odeeffannoona haqa-qabeessa isin kennitanis galma gahinsa qorannichaatiif murteessaadha. Kanaafuu hanga danda'ame gaaffiilee hundaaf deebii kennuu yaalaa. Gargaarsa keessaniif guddaa galatoomaa!

Kutaa I. Odeeffannoo dhuunfaa Kan barataa.

Bakka deebiin kee sirrii ta'etti gabatee keessatti mallatoo (x) kaa'i.

1. Umriin kee (wagga) 13-16 17- 19 20fi ol

2. Koornaya (saala) Dhir Dur

3. Turtii M/barumsaa kanatti (wagga) 1 2 3fi ol

Kutaa II. Gaaffiilee cufaa.Gaaffiilee armaan gaditti dhihaataniif akkaatuma ajajaatiin deebisi.

1. Barnoota hanga kutaa10ffaatti barachaa turte keessatti dandeettiwwaan afaanii gurguddoo ta'an arfan (Dhageeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuu fi Barreessuu) akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessi.

2. Dandeettiawaan afaanii arfan akkaataa bu'aa qabeessummaa isaanitiin tartiibeessi.

Dandeettiawaan afaanii gurguddoo arfani	Barreessuu	Dubbisuu	Dubbachuu	Dhageeffachuu
Tartiibeessi				

3. Irraa deddeebiin barreessuun dandeetti barreessuu gabbifachuuf hangam gargaara?

- A. baay'ee gargaara B. ni gargaara C. hin garaaru D. gonkuma hin gargaaru

4. Keeyyata yeroo barreessitu qophii duraa hagam goota/ taasifta?

- A. yeroo hundaa B.yeroo hedduu C.darbee darbee D.gonkumaa

5. Keeyyata barreessituu keessatti adeemsota keeyyata barreessuu ni hordoftaa?

- A. Eyyee B.Lakkii

6. Yeroo keeyyata barreessitu hangam irra deebi'uun gulaaltaa? A. yeroo hundaa B. yeroo hedduu C. darbe darbee D. gonkumaa

7. Keeyyata barreessitu keessatti barruu gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwaniif i qub guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti.

- A.baay'ee waliigala B.waliin gala C.waliin galu D.gonkumaa walii hin galuu

8. Keeyyatan barreessuu keessatti himni ijoo, himni callaa fi himni gudunfaa akka hammataman: A. Nan beeka B. Hin beekuu

9a.keeyyata barreessitu keessatti hima ijoo adda baastee ni beektaa? A.Eyyee B.Lakkii

10. Yaadolee armaan gadii oguummaa keeyyata barreessuu foyyeffachuu keessatti hangam ulfaatu?
- 10.1. Mata duree filachuu A.baay'ee ulfata B.ni ulfata C. ni salphata D. baay'ee salphata
- 10.2. Duraa duuba /adeemsa/ barreeffama eeguun barreessuu. A.baay'ee ulfata B.ni ulfata C. ni salphata D. baay'ee salphata
- 10.3. Hima ijoo adda baasuu. A.baay'ee ulfata B.ni ulfata C. ni salphata D. baay'ee salphata
- 10.4. Filaannoo jechootaafi yaada burqissiisuu. A.baay'ee ulfataa B.ni ulfataa C. ni salphata D. baay'ee salphata
- 10.5. Walqabsistoota sirnaan fayyadamuu. A.baay'ee ulfata B.ni ulfata C. ni salphata D. baay'ee salphata
- 10.6. Sirna tuqaaleefi qub guddeessa sirnaan fayyadamuu. A.baay'ee ulfata B.ni ulfata C. ni salphata D. baay'ee salphata
11. Barsiisaan Afaan oromoo kee keeyyata barreessuu akka shaakaltuuf yeroo hangam si kenna? A.yeroo hundaa B.yeroo hedduu C.darbee darbee D.gonkumaa
12. Barsiisaan afaan oromoo kee keeyyata ati barreessitu hangam sii sororsa?
A.yeroo hunda B.darbee darbee C. yeroo tokko D. gonkumaa
13. Barsiisaan keessaan cimdii cimdiin barreeffama barreessitaan akka waliif gulaaltaan isinii kennaa? A.Eyyee B.Lakkii
14. Ati mariif duub deebii nama lama lamaa hagam jaallatta? A. baay'een jaalladha B.nan jaalladha C.hin jaalladhu D.gonkumaa hin jaalladhu
15. Duub deebii lakk.13 Eyyee yoo ta'e, hangam eyyama? A. yeroo hundaa B.yeroo baay'ee C.darbee darbee D.gonkumaa

Kutaa II. Gaaffiilee banaa.Gaaffiilee armaan gadii barreessuun deebisi.

1. Sababii qubsaan adeemsaafi caasaa keeyyataa barreessuu barachuu maali? _____

2. Keeyyata yeroo barreessitu barreffama dhumaa barreessuun dura shaakala dura taasisuu maaliif barbaachise? _____

3. Akka yaada dhuunfaa ketti keeyyata barreessitu keessatti deeggarsi barsiisaa kee maaliif barbaachise? _____

4. Akka yaada ketti rakkoon guddaan akka dandeetti keeyyata gaarii barreessuu hin guddifanneef gufuudha jettee yaadduu maali? _____

5. Rakkoo dandeettii keeyyataa barreessuu guddifachuu keessatti mudatu foyyeessuuf enyutu maal gochuu qaba?

A.ani (Barataa) _____

B.Barsiisaan _____

C. Qaamni biroon _____



YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Dabalee D: Checklistii Daawwannaa Daree

Adeemsa barsiisonnii shaakala dandeettii keeyyata barreessuu hojiitti hiikaniifi karaa barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu ittiin shaakalantu daawwatame.

Maqaa mana barumsaa _____ Guyyaa daawwannaa _____

Maqaa barsiisaa _____ Baay'ina barattootaa. Dhi _____ Dha _____ Ida _____

Yeroo wayitii _____ Gosa barnootaa _____

Lak k	Qabiyyee/qabxiilee	Lakkii	Eeyyee
1	Barsiisaan karoora barannoo fi kan waggaa qopheeffateerra		
2	Qabiyyee darbe yaadachiisuun qabiyyee haaraa ibsuun dura barattoota dammaqseera		
3	Mata duree baratoonni irratti barreessan barsiisaan barattootaaf kenneera		
4	Adeemsa keeyyata barreessuu barattoonni keessa darbuu qaban barattootaaf ibsuun akka barattoonni keeyyata gaarii barreessan barsiisaan deggereera		
5	Barattootni hunduu haala wal fakkaatuun ni hirmaatu		
6	Barattootni qabiyyee guyyaa sanaa barachuuf fedhii qabu		

7	Barsiisaan barattooni barreeffama barreessan akka waliif gulaalan carraa kenneera		
8	Barsiisaan barreeffama ilaaluun duub deebii barattootaaf kenneera		
9	Barsiisaan barruu barattoota hundaa ilaaluun sororseera		